Leelloo
Wirtu Multi Media Writers
Haqa Leellisna!

Gatii Qarshii 10
Waggaa 1ffaa Jildii 2 Jimaata Sadaasa 27,2015

**Fuula Keessaatti...**

**Mootummaan Hin dogon...**
moo dogongorri mootummaa sirriidha jedhama? ➡ 3

**Sirna Federaalizimii Keessatti**
Akkaataa Magaalaa Teessoo Mootummaa Federaalaa Taate itti Hundeessanii fi Haalotaa Wal-Xaxaa Kana Waliin Walqabatanii Jiran ➡ 4

**Dinquu Dayyaasaafi**
Shukrii Jamaal Hongicharratti akka mootummaattis…



Dinquu Dayyaas Shukrii Jamaal ➡ 6

**Saba magaala muummittii hin qabne...**
qabsoo Oromoon Finfinneef godhu ➡ 9


**Ofii hin teenye; bakka kaa neef garuu hin geenye!**
Sime Tufa ➡ 8

**BITTE-GURGUROO LAFA OROMOO IRRATTI MARIIN ITTI FUFEE JIRA** ➡ 10



# Hongeen

## Biyya Xoophiyaa Akka Malee Hammaatera





Qilleensi Tuujii paasifik yookaan El-niinoo jedhamu biyyoota Afrikaa gama Kibbaafi Gaanfa Afrikaa hongee jabaan miidhaa akka jiruufi gara fuulduratti illee miidhaa hamaa geessisuu akka danda'u dhaabbileen kanneen akka Raaga Haala Qilleensaa, Ogeeyyiin Qonnaafi Dhaabbileen Gargaarsa Addunyaa ifa taasisaa jiru.

Hongeen bara kana Xoophiyaa mudate kan bara 1977 ykn 1984'n ol ta'uu akka malu gabaasonni adda addaa mul'isaa jiru. Bara mootummoota laman darbanii, H/silaaseefi Dargii yeroo hongeen akka malee uummata miidhaa ture qaamni mootummaa dhimmicha dhoksaa akka ture ni beekama. Bara kanas mootummaan ji'oottan darban keessa haala hongee sanaa dhoksaa tureera.

Bara mootummaa H/Silaasee yeroo uummanni biyyattii gara Kaabaa hongee hamaadhaan rukutamanii beela'aa jiranitti Tafarii Mokonnon waggaa 80ffaa isaanii kabajataa turan. Dargiinis 1984 tti yeroo uummanni waan afaanitti deefatu dhabetti ayyaanaa adda adda kabajachuutti ko'oomatanii turan jedhama. Bara kanas yerootti uummanni beelan waadamaa jiruttii mootummaan ayyaana hundeeffamaa, ayyaana menxersoo jechuudhaan qarshii meeqa dhangalaasaa jiraachuunsaa uummata biyyattii biraa komii jabaa kaasaa jira. Oromiyaa naannoolee addaaddaattis hongeen kun uummataafi beeladarra haalan miidhaa geessisaa jira. Keessumattuu naannoolee tifkateen bulaafi bakkeewwan amala gammoojjummaa qaban keessatti rakkoon hongee sun miidhaa jabaa dhaqqabsiisee jira.

Godinaalee kanneen akka Harargee Bahaa, Hararge Lixaa, Arsii, Baalee, Booranaa, Gujiifi dhiyoo kana immoo Godina Shawaa Kaabaa Aanaa Darraatti babal'atee jira.



➡ Fuula 2

## ODUU FI IBSA EJJENOO

**Fuula 1 irraa nanna'e**

Haa ta'u malee, qondaaltotni mootummaa aanaa, godinafi naannoorra jiran haala hongee mudataa jiru kana dhoksaa jiru. Dhiyoo kana gaazexeessitoota biyya keessaaf ibsa kan kenne sadarkaa itti aanaa mootummaa naannoo Oromiyaatti hoogganaan Ejensii Qonnaa Oromiyaa Obbo Zalaalam Jamaanee hongeen naannoo keenyatti mudachaa jiru humna mootummaa naannichaan ol miti jechuun dubbatanii turan. Akka obbo Zalaalam Jamaanee dubbatanitti mootummaan naannichaa kuusa midhaan nyaataa gahaa waan qabuuf hongeen mudate kun humna keenyaan ol miti jedhanii turan. Sadarkaa biyyaattis gabaasonniifi ibsi qaamolee mootummaarraa kennamaa turan kan wal faallesaniifi haalicha kan haalu ture. Gara jalqabaa hongee mudate sana matumaa akka hin dhagahamne dhoksaa turan illee, booda midhaan sababa hongeen dhaqqabe jabaachaa waan dhufeef lakkoofsa uummataa miidhaa sanaan hubamanii waliin dhahuutti ka'an. Rakkoo hubannoo herregaas qabaachuu malu maaltu beeka.

Ji'oota muraasa dura lakkoofsi uummata hongee sanaan miidhamanii mil. 4.5 hin caalu jedhamaa turullee, dhiyoo kana muummichi ministeera biyyattii obbo H.maariyam Dassaaleny gaazexeessitoota biyya keessa waliin gaaffiifi deebii taasisaniin lakkoofsa namoota gargaarsa hatattamaa barbaadanii gara mil. 8.2 tti ol butanii jiru. Akka ammaan kana gabaasni miidiyaaleefi dhaabbilee Gargaarsa Addunyaa biraa bahan ibsanitti immoo lakkoofsi lammiilee gargaarsa hatattamaa barbaadanii miliyoona 15 gaha. Miidhaa hongee kanaan mudateen alatti lakkoofsi lammiilee hiyyummaa sararaa gadiitti argamanii miliyoona 20 kan ga'uufi warreen kun sooratan illee kan of hin dandeenye ta'uun isaanii beekamadha.

Gabaasni dhiyoo kana dhaabbata mootummoota gamtoomanii biraa bahe akka mul'isutti immoo Xoophiyaan Hongee waggaa 30 keessatti mudatee hin beekneen rukutamtee jirti jedha. Hongee amma mudate kun dhaqqabuu akka danda'u hayyoonniifi dhaabbileen garaagaraa waggaa tokkoon dura kan raaga ta'ullee mootummaan gama isaatiin haalicha dhibaa'umaatiin ilaaluudhaan qophii gahaa hin taasisiin hafuun isaa loon gaanfa hedduun akka dhumaniifi miidhaan jabaan namoota irras akka ga'u taasisee jira. Hongeen kun sababa qilleensa El-niinoo jedhamuun kan dhufu ta'uu; haalli kun immoo waggaa 10 ykn 12 keessatti yeroo tokko mudachuu akka danda'u Akkaadaamiin Saayinsii Xoophiyaa dursee dubbatee ture. Mootummaan garuu lammiilee miidhaa tokko malee baala sana akka dandamataniif irratti hojjechuu mannaa carraa argatu hundatti haasaafi olola siyaasaa oofa. Dhiyoo kana obbo H/Maariyam Dassaalenyi paarlamaa biyyattiif haasaa taasisaniin "hojii eegumsa naannoo gahaa waan taasifneef beelicha dandamachuu dandeenyerra" jedhanii turan. Ministeerri Misooma Dinagdeefi Maallaqaa Obbo Abdul haziz Mohammad Rooytersiif akka himanitti immoo hongee biyya kana mudate 'GDP' biyyattirra miidhaa hin geessisu jedhan. Akka ministeerichi jedhanitti bakkeewwan hongee baranaan miidhaman diinagdee biyya keenya keessatti gahee isaan qaban dhibbentaa 5 qofa waan ta'eef GDP biyyattii irratti dhiibbaa hangas jedhamu geessisuu hin danda'u jechuun dubbataniiru. Kanaafuu, daa'imti baala kanaan duute danta mootummaa miti jechuudha.

Qondaalonni mootummaa tokko tokko immoo harka mirgaan gargaarsa walitti qabachaa arraba isaanii immoo miidhaa lammiilee dhoksaa jiru.

➡

## Ibsa Ejjenoo

Oromoon tokkummaa miidhakseet beeka. Ijaarsi saba kanaa bifaafi akka godhachuu kan qabus tokkummaa saba kanaa irratti bu'ureeffateeti. Sabni Oromoo yeroo har'aa kanatti ijaarsa adda addaa qabaachuu ni mala. Ijaarsonni kunneen hundi isaanii ammoo saba kanaaf bu'aa buusuun dirqama yeroon itti jedhamu amma. Asirraatti kan xiyyeeffannaa keessa galuun irra jiru sabni kun yoo ijaarsota qabu kanaan walitti hin siqne qaawwi halagaan gedduutti naqxee addaan kutuuf carraaqxu kun turtii keessa falmisiisaa ta'a. Saba kana keessaa warri muraasni halagaadhaan ijaarramanii akka addaatti socha'aa jiru. Isaan halagaadhan afaan turjumaanatiin ijaarramanii ergaman kun afaan beeknuufi beekaniin walitti dubbannee ijaarsa tokko jala galuun waan yeroon nu gaafattu ijaa ta'eef 'bitaanis korii mirgaanis korii walgeenyi kooradha' akka jedhamu san saba Oromoo tajaajiluurratti hireen kan hunda keenyaa waan ta'eef odoo bakka tokkotti dhufnee gaariidha kan jedhuun wal waamuun hiikoo rakkoo keenyati.

Fakkeenyaaf mootummaan Ameerikaa gama USAID tiin doolara miliyoona 97 lammiilee gargaarsa hatattamaa barbaadaniif arjoomee jira. Itti aanaan ministeera qonnaa Chaayinaa immoo wayita Xoophiyaa daawwatanitti mootummaan isaanii doolara miliyoona 7 akka arjoomtu dubbataniiru. Haalichi akka malee hamaa ta'aa waan dhufeef dhaabbilee garaagaraafi biyyoonni adda addaa gargaarsa taasisaa jiru. Mootummaan garuu gargaarsa kennamu walitti qabachaa miidhaa dhaqqabaa jiru dhoksa. Keessumattuu dubbiin Itti Aanaa Muummicha Ministeera Xoophiyaa kan nama gaaddisiisuu ture. Akka obbo Dammaqaa Mokonnon Raadiyoo Faanaatti himanitti yoo ta'e hongee biyyatti mudateen namni tokkollee du'ee hin jiru. Akka obbo Dammaqaan jedhanitti yoo ta'e miidiyaaleen biyya alaa qaamota addaaddaa waliin waan hojjetaniif gabaasni isaanii qulqulluu ta'uu dhiisuu danda'a. Yeroo ammaa kanas beelli biyyatti mudatee hin jiru jedhaniiru. Miidiyaleen Addunyaa kanneen akka BBC maatii sababa hongee sanaan daa'imti jalaa du'e haasofsiisuun gabaasa dhiyeessuun isaa ni yaadatama. Gaazexxeessaan BBC Kiliiv Maayiree Walloo Qobbootti argamuun du'an kan daa'imashee dhabde Burtukaan Aliifi uummata naannoo dubbisuun akka gabaasetti naannoo tokko qofatti guyyaatti daa'imni lama sababa hongee kanaan akka du'an dubbatee jira. Ingilizitti Imbaasiin Xoophiyaa immoo gabaasni BBC kun dhugaarraa kan fagaatedha jechuun falmee jira. Aljeeziraanis armaan dura biyya kanatti argamuudhaan hawaasaa dubbisuun gabaasa bal'aa dhiyeessuun isaanii ni beekama. Mootummaan garuu harka tokkoon doolara sassaabaa harka kaaniin immoo haalicha dhoksuu yaaluun isaa qaaniidha.

Dhugaadha! El-niinoo biyya kana qofatti osoo hin ta'iin biyya hedduu keessatti mul'achuu danda'a. Kun balaa uumamaati. Waanti nama gaddisiisu garuu mootummaan yeroo hunda uummata kana sobuu waan bareef wayita uummanni balaa hongee kanaan akka malee miidhamaa jiruttis soba afarsuu isaati. Asii mootummaan lakkoofsa uummata hongeen miidhamee takka dabalee takka hir'isa. Achii Uummanni hongee rukutamee dhumataa jira. Dhugumatti mootummaan osoo uummataaf dhimmamee jiraate qophii gahaa taasiseera ta'e horiin gaanfaa dhumatee lubbuun dhala namaas hin darbu ture.

Jarana hongeen hammaatee uummanni gaafa beelan dhumatu guddinni biyyattii abbaan dijiitii lamaa, qonnaan bulaan miliyoonni miliiniyeerra ta'an eessatti badanii laataa? Sagantaan misoomaa industirii qonnaan durfamuu kan ADWUI'n hordofu masaraa mootummaa keessatti hojiirra oolaa jiraa? Exteenshiniin qonnaa mootummaan hojiirraa oolchaa jirus Agamsa-Markaatootti hojiitti hiikamaa jira fakkaata. Akkas akkas godhanii yeroo uummanni hongeen rukutamu "ija keessan duraa cillim nun haa godhu, dubbichi kan warra shororkeessitootaati malee hongee sana dandamachuuf qarshii biliyoona 2 rammanne waan jiruuf lubbuun tokkollee sababa hongee kanaan darbee hin jiru" jedhu.

**Qopheessaa**
Yaasoo Kabbabaa Hordofaa
**Itti aanaa Qopheessaa**
Roobinaa Shuumii Araarsaa
**Gulaalaa**
Yoomiyyuu Mul'ataa
**Barreesitoota Rogaa**
Moonenus Hundarraa
Milkeessaa Miidhagaa
Gammadaa Olaanaa
**Agaabaastoota**
Mohaammad Gammachuu
Firehiwoot Taddasaa
**Saxaxaa(Design)**
Gammadaa Olaanaa
**Suuraa**
Gammadaa Olaanaa
fi Archive
**Dhaadhessitoota**
Yoomiyyuu Mul'ataa
Mohaammad Gammachuu
Simboo
Masarat Dhaabaa
**Dhaabbata Maxxansaa**
Maltiimidiyaa Wirtuu

**Teessoo**
Magaalaa Buraayyuu
Bilbila: 0912 10 40 67
0912 84 15 50
Imeelii: nimoonaa@yahoo.com





# Mootummaan Hin dogongoru moo Dogongorri mootummaa sirriidha jedhama?



**Yaasoo Kabbabaatiin**
0912 10 40 67
Email.nimoonaa@yahoo.com

"One has amoral responsibility to disobey any unjust... "
Mathin Luther King

Dubbiinsaa akkana! Biyya bulchiinsi kan uummataa itti ta'e keessatti abbaan mirgaa uummata; warri bulchu ammoo waliigaltee isaanitiin akka aangoo qabatan taasifamu. Kun garagarchamee yoo kan dubbifamu ta'e warri bulchu ergamtoota jechuudha. Biyyanatti kun hin hojjetu ani waanuma addunyaa tanaatan jedhe malee. Warri akkanaan bulchiinsa uummataa qabaatan, yaa carraa isaanii, waan dogongora ta'ee mul'ate itti himuudhan battaluma sanitti akka sirreeffamuuf godhu. San hin ta'u taanan gadi bahuudhan "Timaatima,ykn Burtukaana" darbatanii bulchiinsa mootummaa isaanii aangorraa darbatu. Kana. Yoo kun hammaates ammoo hanqaaquu ajaayaa namatti darbachuun ni jiraata jechuudha. Kun egaa biyya yoo uummanni timaatima itti darbu mootummaan ammoo bishaan itti facaasutti malee kan akka keenyaa bakka yoo ijaanuu ilaalan rasaasa namatti roobsu kanatti dubbii galagala balabala cufatanii ,quba ciniinatii abidda maddiitti haasa'an malee kan guyyaa …A'aa!

Waan xiqqoo dogongora dalage tokkoratti nama yaada kennuuf ykn ammoo kennuufi dhaqe tokko akkamitti jedhanii gaafachuurra maaliif jedhanii hidhanii mankaraarsuutu irra harka isaan hiika! Mee gaaffii tokkon isiniif dhiyeessa.

Mootummaan naannoo Oromiyaa alaabaa amma fannisu kana falaasama Oromoon qabuun bu'ureeffateet halluu saniin kiyya jedhee fannisaa jira jechuuf waan dogongore tokko akka qabu innis sabnis ni beeka.Kana maalifan jedha seetan,yeroo ammaa kana Oromoon tartiiba halluu alaabaa Oromiyaa kana
Gurraacha,
Diimaa
Adii
akka ta'e waan beekuuf uffata uffaturratti,callee diraturratti waan kana tartiiba arma olii kanaan eeggatee adeemsifachaa jira. Mootummaan naannoo Oromiyaa ammoo waan kana
Diimaa
Adii
Gurraacha

Taasisuun alaabaa Oromiyaa kan sabni Oromoo ittiin bakka buufamu jedheet fannisaa jira. Sabichi waan kun sirrii miti,nu bakka hin bu'u,dogongora jedhee afaanii baafatee dubbachuutti waan armaa olii san itti ta'eet mormii isaa gochaan argisiisaa mul'isaa jira. Warri afaanin dubbatan dhumatan jechuuf malee kan jedhan hin jiran jechuu miti. Xiqqaatee xiqqaatu sabni kun tartiiba halluu kanaa gurraacharraa kaasee diimaa,achiin adii yoo teechisu sababa quubsaafi Falaasama saniin wal gitu kan namuu amansiisuu danda'u lafa kaayyata. Mootummaan garuu maaliif akka san fudhate wanti jedhu jiraatus kan sabichi jedhuufi falaasama gama beektota saba kanaatin ka'u saniin walbira qabnee yoo ilaalle xiqqoo madaallii jirbiit nu jalaa ta'aatii waan san akkamitti ilaala laata?

Bara jalqaba aangoo mootummaa Oromiyaa qabatan san aangawoo Oromiyaas ta'ee kan biyyattii bulchan baay'een isaanii heddu kan hin baranneefi waa'een falaasama hawaasummaa heddu kan isaan hin cinqine ta'uu malu. Sanarraa kan ka'e ammoo xinxalli akkasii isaaniif heddu waan hiika qabu ta'eetis mul'achuu dhaba jenee yoo fudhanne, amma bara kana keessa ofii isaanitiillee waan san yoo irra gahuu baatan kan uummanni gochaan itti argisiisu kanarraa ka'anii,dogongoruu isaanii amanuun yoo waan san geeddaranii sirreessan dogongorre jechuun maal saatu nama saalfachiisa laata?! Dhuguma amma yoo dubbanne dogongoranii dogongoratti nama hoofudha moo dogongora ofii fudhatanii sirreessutu irra cubbuudha laata?

**Tokko jedhaa!**

Mee gara Asxaa alaanaa kanarra jiruutti yaa deebinuutii waan jiru yaa kaasnu. Egaa sabni Oromoo asxaa guddaan isaa Odaa akka ta'e walitti himuuf baay'ee waan dhamaanu natti hin fakkaatu. Bara kana garuu Odaan asxaa Oromoo ta'uu isaa walitti himuurratti yeroo fixna; gudaa ajjeesna;xiqqaa adamsina. Maaliif yoo naan jettan Odaatu lama ta'ee dhufe! Jalqabumaayyuu Odaan maal fakkaata jennee wal mormuun kun waan odaan fakkaatuuf keessummaa waan taane nu fakkaassuun isaa adii adda dibatte! Lameessoo wanti nuti jennuufi goonu kan dhuunfaa keenyyaa odoo hin taane waan miira sabaa keessaa madde, waan beekumsaafi faayidaa sabaa eeggate ta'uun dirqama ta'uu isaa hubachuun barbaachisaadha. Uummannis uumamnis Odaa kan akkamiit beekti jennee of gaafachuun maalsaatu nama saalfachiisa laata? Odaa tasuma lafaa ka'anii kan dame lama qabu malee kan mukti isaa duudaa san arguun yakka jedhanii namoota waan san fakkii kaasa,kan asxeeffatanii huccuufi faayarra kaayatan hunda bahaafi gala dhoowwuun kun sirrii miti jedhanii yoo namatti himan fudhachuu dhabuun beekumsa moo wallaalarraa kan dhalate jennee gaafachuutti nutti du'a ta'eet isaanitti ammoo bu'a ta'ee akkam goonu? Ofii Odaan miila dhoowaa sun eessaa dhufe jennee fudhannu? Falaasamni achirra jiruhoo kan dameen sanyii Oromoo lama jedhanii warri dabtaraa kataban saniin gama kan biraa qabaa? Yoo san ta'e wanti sun soba waan ta'eef jarana waan dogongortan irraa deebi'aa; dogongoruu odoo hin taane kan dogongortanirra goruu keessantu irra nu miidhee jenneen!

**Lama jedhaa!**

Aangawoonni DH D U O/OPDO hedduun isaanii halluu alaabaa dhaaba isaanii illee sirriitti hubatanii waan beekan natti hin fakkaatu. Maaliif naan jedhaamee natti aaruu dura. Waa'een qalama saba Oromootitti dhukkuba hadhaa ta'e tokko asitti ka'a waan ta'eef.

Gara fuula 7tti darbeera

# Ulee Fari'oonifi Muusee

Yaasoo Kabbabaa

Israa'eloonni bara durii keessa sababa adda addaatti kutaa addunyaa maratti bittinnaa'anii turan. Sababoota sabicha bittinneesse keessaa Hongeeniifi beelli bakka guddaa qabu jedha seenaan. Qe'ee isaaniitti gabroomuunis ijaa isa guddaadha jedhu warri biraa. Bakka tokko tokkotti ammoo baqachuun isaanii kun beelaan kan ka'e malee sababa biraa of keessaa hin qabu kan jedhan hedduudha. Warri yaada kana deeggaran silaa beela ta'uu baatee gabrummaa dheeffutti gabrummaa biraa hin seenan jedhu. Yaadni kun xiqqoo nama amansiisa. Maaliif yoo jedhame Iseraa'eloonni biyya itti baqatan keessatti gabrummaa jala galuu isaanii isaanumtuu kitaabota amantii isaanii keessatti dubbatanii jiru. Gabrummaan isaanii heddu kan ajaayibu ta'ee adoo hin taane, wanti isaan gabrummaa jala taa'anii hojjetan waan sammuu nama qabu ta'uu isaatin yaadni kun nama raja.

Sabichi sochii biyya missir keessa jiraachuufi achii bahuuf godhan keessatti hoggansi Muusee guddaa kan tureefi gargaarsi Aaroonis waan xiqqaa akka hin turre guddisanii kaawwatu. Adeemsa sochii uummata isaanii amansiisuun biyya missirii baasuuf godhan keessatti akkaataan Muuseenifi Aaroon Fari'oon bira dhaqneet waan Waaqayyon nu erge raawwanne jedhan, raajiifi dinqiin isaan uummatatti himan… marti keessummaan keessa walii hin beekne eelee siif dhaabuu? Namaan jetti' jedhee kan Oromoon mammaaku tokkoon walfakkaata. Israa'eloonni kunneen sochii bilisummaa sabasaanitiifi hundeeffama biyya isaanitiif jecha tarkaanfiin fudhatan, ogbarruuwwan dhimma itti bahaa turan raajiidha. Waan nama ajaayibu keessaa tokko masaraa Fari'oon keessatti bara hammeenyaa erga dabarsanii booddee deebisanii isaanumatti hammaachuun isaanii heddu kan nama mudduudha.

'Waaqayyoon akka nu ajajetti dhaqnee ulee lafa buufne; uleen keenya lachuu bofa taate erga sanii ammo uleen Aaroon gootomuunifi amala qulqullummaa waan qabduuf kan namoota hundaatuu liqimsite' jedhu. Gama biraatin ammoo uleen Fari'oon raajii bofatti geeddaramuu kan hojjechuu dandeeche erga mootichi namoota qoricha gochuu beekan biyyattiidhaa walitti waamee booddee afuura xuraawadhaanii jedhu. Kunoo kanatu nama raaja! Keessummaan bara hamaa mana namaatti dabarsee ka'ee seexana namaan jechuu kanaa ol xanqii maaltu jira jetturee?

Dubbiin teenyas haqa akkanaat qabdi yaa jamaa. Qabsoo gabrummaa jaarraa tokkoofi walakkaatiin booddee bara 1991 ALA hoggantonni saba kanaa garee qabsoo saboota kan biroo waliin naannoo minjaalaatti harka walfuudhanii marii eegalan. Adeemsafi guddina safuu Oromootin waan guddataniif hoggantoonni Oromoo "Nutu isiniif beeka!" jedhanii waa'ee saba Oromoos ta'ee waa'ee uummata kan biraa odoo hin murteessin "dura uummanni fedha isaatin filannoo isaa nu yaa beeksisu; barbaadu ammoo riferendamiin yaa qophaa'uf" jedhanii sababuma kanaaf keewwanni 39 karra of eeggannoo ta'ee akka taa'u godhan. Dubbiin dubbii walqixxummaa, dubbii hiree ofii ofiin murteeffachuu ta'uun addaatee as baate. Uummamuma isaanii keessatti ammoo warri jecha 'walqixxummaa' jettu tana akka qara eebootti sodaatan ijaa jiraniifi warri gama kaabaa kun baroota dheeradhaaf hiree namaatirratti murteessuun barmaata badaa ittiin dhangi'aman waan ta'eef waan kana fudhachuun yaa hafuutii dhagayuun mataansaa galii ciniinuu itti ta'e. Yeroo kana ka'anii dubbii hin taane waliin dhahuun callaafi soraa walitti makan. Warri kaayyoo bilisummaa walabummaa keessaa qaban warra dhara dhalan fakkeeffamanii biyyaaf biyyoo nyaatan.

Hala kana sirriitti afuufuuf namoota faayidaatti hidhanii warra waamicha isaanii fudhatan isaan ergamtoota Rabbii fakkeessuun warra saba bakka bu'an ammoo raajamtoota seexanaa fakkeessuun lallaba bubbee itti buufan. Booji'amtoota isaanii waraana qawweefi pirooppagaandaa itti hidhanii akka saree maraattee san hunda akka ciniinaniif saba keessa gadhiisan . Isaanin xiqqaa guddaa odoo hin jedhin kan argataniifi itti dhufan mara hidduu jalqaban.

Gara fuula 7tti darbeera



Moonenus Hundarraatiin
hmonenus@yahoo.com

# Sirna Federaalizimii Keessatti Akkaataa Magaalaa Teessoo Mootummaa Federaalaa Taate itti Hundeeessanii fi Haalotaa Wal-Xaxaa Kana Waliin Walqabatanii Jiran



Dhimmoota bulchiinsa 'Sirna Federaalizimii' keessatti nama hawwatan keessaa tokko akkaataa itti magaalaa teessoo mootummaa federaalaa taate hundeessanii fi wantoota kanaa waliin wal-qabatanidha. Sirni federaalizimii sadarkaa adda addaatti bulchiinsa mootumoota addaa addaa hundeessa. Mootummoonni kun bulchiinsa isaan ilaallatu irratti qaama olaanoo yommuu ta'an dhimmoota waliinii irratti mirgaa fi dirqama wal-qixa ta'e qabaatu. Kanaaf, bulchiinsi bulchiinsa biraa irratti olaantummaa qabaatu hin jiru. Haaluma kanaan sirna federaalizimii keessatti yoo xiqqaate gulantaawwan bulchiinsa lamaa fi isaa oltu jiru. Isaanis: bulchiinsa mootummaa federaalaa (federal government); bulchiinsa mootummoota naannolee (states' government) fi bulchiinsa aanolee (local government) jedhamu. Bulchiinsi mootummoota naannolee fi kan aanolee teessoo magaalaa mootummoota isaanii hundeessuuf wanti isaani rakkisu hangas hin jiru. Garuu, mootummaan federaalaa magaalaa teessoo isaaf taatu hundeessuun wanta baay'ee ulfaataa ta'ee fi walitti bu'iinsa mootummootaa gidduutti ka'uuf sababa olaanaa ta'a.

Biyyoonni sirna federaalizimiitiin bulan hundi teessoo mootummaa federaalaa filachuu irratti falmii fi rakkinoota wal-xaxaa ta'an hedduutu isaan mudata. Kunis sababoota mataa isaa qaba. Inni jalqabaa, wal-kiphuu fedhawwan mootummaa federaalaa; mootummoota naannolee fi fedha jiraattota magaalaa sanaati. Mootummaan federaalaa magaalaa teessoo isaa taate irratti olaantummaa qabaachuu fi to'achuu yommuu barbaadu dabalataanis ilaalcha magaalaan kun fedha mootummoota naannolee hundaa giddu-galeessaa taasisuu fi hojiirra oolchuu qabdi jedhu qaba. Gama biraatiin, bulchiinsi naannoo magaalaan sun keessatti argamtu gaaffii abbummaa waan qabuuf magaalaa teessoo mootummaa federaalaa taate kana irratti olaantummaa fi to'annaa qabaachuu barbaada. Haaluma kanaan magaalaan kun fedha bulchiinsa naannoo fi saba sanaa keessummeessuu fi hojiirra oolchuu qabdi jedhu qabaachuudhaan harka mootummaa federaalaa gabaabsuu fedha. Feeti gidduu jiruu garuu fedha jiraattota magaalaa teessoo mootummaa federaalaa taate sanaati. Jiraattonni magaalaa sana keessaa ofiin of bulchuu fi to'annaa mootummaa federaalaas ta'e kan naannoo tokkoo jala galuu hin barbaadan.

Falmii fi haalli wal-xaxaan kunniinii fi kanneen biroo akka magaalli teessoo mootummaa federaalaa taate daangaa malee guddattuu fi babal'atuuf karaa baneera. Muuxannoon jirus kanumadha. Rakkinoota kanaa fi kkf furuuf heerri sirna federaalizimii akkaataa hundeeffama magaalaa teessoo mootummaa federaalaa ilaalchisee filannoo sadii kaa'a. Filannoowwan kunniin sadan ciminaa fi dadhabina mataa mataa isaanii qabu. Filannoon jalqabaa: magaalaa teessoo mootummaa federaalaa taate sana akka kutaa bulchiinsa mootummaa federaalaatti hundeessuu yommuu ta'u inni lammataa bulchiinsa magaalaa ofiin of dandeesse taasisuudha. Filannoon sadaffaa magaalaa teessoo mootummaa federaalaa taate bulchiinsa mootummaa naannoo magaalli sun keessatti argamtu jala galchuudha. Mee filannoowwan jiranii fi cimina darbees dadhabina gama hundaan jiran gabaabinaan akka armaan gadiitti haa ilaallu.
**A)**Magaalaa teessoo Mootummaa Federaalaa taate "Akka kutaa bulchiinsa mootummaa federaalaatti hundeessuu" Sirna federaalizimii keessatti mootummaan federaalaa kutaa lafa dhuunfaa isaa ta'e hin qabu. Lafti kan naannoleeti. Naannoleetu walitti dhufee mootummaa federaalawaa hundeessa kanaaf mootummaan federaalaa biiroowwanii fi waajjiroota keessa taa'ee hojjetu qofaa barbaada. Filannoon kun garuu mootummaa federaalaaf kutaa bulchiinsaa tokko akka qabaatu taasisa. Kunis walii-galtee mootummoota naannolee fi keessumaa arjooma naannoo magaalaan sun keessatti argamtuun yoo ta'e qofaadha. Haluma kanaan biyyoota sirna federaalizimii hordofan 25 ol keessaa biyyoonni saddeet filannoo kanaan magaalaa teessoo mootummaa federaalaa taate hundeessan. Isaanis:

1) Magaalaa Waashingiten Diisii: United States of America
2)Magaalaa Kaanbeeraa: Awustiraaliyaa
3) Magaalaa Meksiikoo: Meeksiikoo
4) Magaalaa Karaakas: Venezullaa
5) Magaalaa Delhii: Hindii
6) Magaalaa Istaanbul: Paakistaan
7) Magaalaa Abuujaa: Naayijeeriyaa
8) Magaalaa Addis Ababaa: Xoophiyaa

Bifa kanaan magaalaa teessoo mootummaa federaalaa taate hundeessuun faayidaawwan armaan gadii qaba:

Mootummaan federaalaa guutummaa guutuutti magaalaa sana irratti gama hundaan akka aangoo qabaatu taasisa.
Dhiibbaa mootummoonni naannolee, keessumaa dhiibbaa gama bulchiinsa naannoo magaalli sun keessatti argamtu, irraa dhufu hanbisa.
Magaalaa naannolee hunda bakka bu'uu dandeessu ijaaruuf haala mijeessa Faayidaawwan armaan olii fi kanneen biroon yoo qabaateyyuu miidhaa filannoon kun qabu mee akka armaan gadiitti haa ilaallu:
Feeti, aadaan, afaanii, fi eenyummaan hawaasa jalqaba magaalaa sana keessa jiraatanii (native people) fi hawaasa ollaa (adjacent communities) magaalaa sanaa ni liqimfama; ni du'a; ni hacuucama.
Dhiibbaan mootummaa federaalaa sababa babal'ina magaalaa sanaatti hawaasa naannoo magaalaa sanaa jiraatan irratti akka cimu taasisa.
Daangaan bulchiinsa mootummaa naannoo kan magaalaan sun keessatti argamtu akka xiqqaatu taasisa.
Mootummaan naannoo magaalaan sun keessatti argamtu magaalaa teessoo mootummaa federaalaa taate sanarraa abbummaa dhaba.
Jiraattota magaalaa (urban residents) fi hawaasa magaalaa sanatti marfamanii jiran (communities around the city) jidduutti walitti bu'iinsaa fi wal-fixiinsa fida
Hawaasni magaalaa sanatti marfamanii jiran sababa babal'ina magaalaa sanaatti qe'ee fi qabeenya isaanii dhiisanii akka godaanan taasisa.
Hawaasni magaalaa kanatti marfamanii jiraatan dararamoota balfawwan magaalaa sanaa ta'u
Magaalaan teessoo mootummaa federaalaa taate gidduu-gala misoomaa fi guddinaa waan taatuuf yommuu daangaa babal'ifattu walitti bu'iinsa jiru hanqisuu fi fedha mootummaa federaalaa galmaan ga'uuf heerri federaalaa akka fooyya'u taasisa (fakkeenyaaf magaalonni Waashingiten Diisii, Karaakas, fi Meeksiikoo akka heerri federaalaa foyya'u taasisaniiru).

Walumaagalatti, teessoon magaalaa mootummaa federaalaa bifa mootummaa federaalaaf kutaa bulchiinsa tokko hundeessuun taasifamu fedha mootummaa federaalaa giddu galeessa kan godhatee fi olaantummaa isaa kan mul'isudha. As keessatti aadaan, afaan, amantaan, ilaalchii fi eenyummaan hawaasa abbummaa magaalaa sanaa ta'anii kan hacuucamu yommuu ta'u feeti galtootaa (baqattootaa) magaalaa sana keessatti ol ka'ee argama. Keessumaa biyyoota akka Xoophiyaa sabni, saboonnii fi sab-lammoonni eenyummaa lafa waliin walqabate keessatti argamu keessatti dhiibbaan jiru daran hamaadha. Kanaaf beektonni federaalizimii rakkoo kana hir'isuuf kallattii furmaataa tokko kaa'u. Innis yoo magaalaa teessoo mootummaa federaalaa taate bifa kutaa bulchiinsa mootummaa federaalaatiin hundeessuun dirqama ta'e magaalaa sana lafa qullaa irratti hundeessuun gaarii ta'a jedhu (Roonaal Waati, 2007). Dabalataanis, babal'ina magaalaa sanaa daangessuudhaan bifa ittiin hawaasni magaalaa sanatti marsanii jiran miidhaman hanbisuudha. Kana ta'uu baannaan garuu, rakkinnii, falmiin, walitti bu'iinsii fi dhimmooni biroon jiraattotaa magaalaa sana keessa jiranii fi hawaasa ollaa darbees mootummaa federaalaa, bulchiinsa magaalaa fi mootummaa naannoo magaalli sun keessatti hundeeffamte gidduutti ka'u biyya sana tasgabbii ni dhowwata. Akka yaada-rimeetti yoo akka armaan oliitti kan ilaalle ta'e, dhimma kana haala qabatamaa biyya keenyaa waliin wal-qabsiisuun barbaachisaadha. Darbees yaadrimee kana dhugoomsuu yookaan fashaleessuu akka danda'u mirkaneessuuf haqa lafarra jiru mee haa ilaallu.
Teessoo yookaan gidduu-gala mootummaa giddu-galeessaa ta'uudhaaf Finfinneen carraa kan argatte bara 1886 ta'uu seenaan ni dubbata. Yommuu sana, Finfinneen akkuma kutaawwan Oromiyaa kaanii uummanni Oromoo kan irra jiraatuu fi abbummaan ishee kan Oromoo Finfinnee akka ta'e dhugaan jiruu fi seenaan jiru ni mirkaneessa. Bara 1886 irraa kaasee garuu saboonnii fi sablammoonni hedduun gara magaalaa kanaatti godaanuudhaan jireenya dhuunfaa fi kan garee isaanii adeemsifachuu eegalan. Keessumaa gartuun koloneeffattoota nafxanyaa hundee isaanii gad-fageeffachuu fi Oromoo gara alaatti arii'uu irratti xiyyeeffatan. Haalli bulchiinsa turee fi kan amma jiruf kanuma jajjabeessa; adeemsisas.

# QUXISICHI MAAL TA'E!!??

Dhaabbileen ADWUI jala jiran akkaataa umrii isaanitiin yoo hiriiran hangaftichi Adda Bilisa Baasaa Ummattoota Tigraay (ABUT/TPLF), Sochii Dimokiraatawaa Biyyaalessa Amaaraa (SDBA/ANDM),Dhaabbata Dimokiraatawaa Uummata Oromoo (DHDUO/OPDO)fi uummatoonni kibbaa ni argamu. Sadeen sadarkaa duraa irratti tuqaman kunneen umriin isaan gara qabsoo erga galanii lakkoofsisan 40,35,25 ta'u, walduraa duubani. Akka aadaa keenyatti maatii keessatti namni lammaffaarra dhalatu quxisuu jedhama.

Sochiin dimokiraatawaa biyyaalessa Amaaraa (SDBA/ANDM) yeroo lammiileen biyyattii miliyoonan lakkaawaman beela keessaa hin galle keessatti kufanii jiranitti gammachuudhan waayee milkaayina qabsoo isaa ibsachaa jira.

Seenaa keessatti akkuma yaadatamu, waayen beelaa yoo ka'e, kufaatin mootummoota aangoo irra jiraniifi hunkuramni nageenyaa, akkasumas gaaga'amni lubbuu lammiilee wantoota walbiraa hin hafneedha. Itti dabaluunis, yeroo lammiilee hedduun beelan rukutaman, isaan duubatti deebi'anii wanta keessa dabarsan ilaalchisee ayyaanota gurguddoo taasisuudhan, gammachuu isaanii dachaadhan dabalu. Mootummaan abbaa irree Hayila Sillaasee, yeroo beelli biyyattii keessatti haalan dabaluudhan, gogiinsi biyyattii keessatti kallattii garaagaraatin babal'acghaa jirutti, guyyaa dhaloota waggaa saddeettammaffaa isaa kabajachaa akka ture ni yaadatama. Isumarrattuu lammiilee harki duwwaa ta'uun osoo beekanuu tumsa ayyaana guyyaa dhaloota isaanitiif akka taasisan diriqisiisaa turan. Kunis ta'ee osoo jiruu wanti biraa achi yaa hafuutii, guyyaa dhaloota saree isaa kabajachaa nama tureedha – Motummaan abbaa irree kuni!!

Mootummaan Dargiis (Mangistuu Hayila Maarama) haaluma walfakkaatun yeroo beelli biyyattii bare deebi'ee dhufu gahee isaatti aangoo erga qabatee waggaa kudhan ta'uu isaa uummata fuulduratti ba'ee ayyaaneffachaa nama tureedha. Kanatu egaa akka garaa lammiiletti osoo hin ta'in akka garaa isaafi fedha isaatti barcuma qabatee taa'aa ture!!

Ammas haalli kuni waan itti fufe fakkaata!! Dhaabbanni Dimokiraatawaa Uummata Amaaraas yeroo lammiilee hedduu beelli itti roorrisaa jiru kanatti ayyaana erga miilan gara dirree qabsootti galee hanga ammaatti waggaa 35 ta'uu lammiilee 'bishaanifi midhaan dhabe' jedhutti himachaa jira!!

# Neezerlaand manneetii hidhaa 8 cufte

"Biyyi Neezerlaand manneetii hidhaa saddeet yakki waan dhabameef cufte!" jedha barruun 'Africans Leadership Magazine blog' jedhu tokko. Mana keenya immoo ganamaa galgala babal'isuuf kan fokkorantu jiru. Sababni isaa yakkatu baay'ate kaa!! … Garuu yakki jiraatuyyuu kan hidhamaa jiru yakkamaa osoo hin ta'in shakkamaadha!! 'Shakkamaan maaf hidhama !' jennaan, "Ofeeggannoofi!" jedhama.

# Sigigoo lafaa biyya Chaayinaa



Sigigoo lafaa biyya Chaayinaa godina Zeejiyaang, ganda Liidong jedhamu keessatti mudateen lubbuu namoota 25 galaafachuun, namoota 2,000 ol ta'an qe'ee isaanii irraa buqqisuu isaa BBC'n gabaase. Sigigoon kuni baha biyyatti keessatti halkan jimaata darbee kan mudate yoo ta'u, manneen lammiilee soddomaa awwaalun isaa dhagahame. Balaa mudate kanaan gandi kun lolaa guddaadhan kan liqimfameefi namoota gargaarsa barbaadaniif gargaarsa akka hin geenye taasisuudhan, namoonni kudha lama ta'an immoo hanga ammaatti barbaadamaa akka jiran gabaasee jira.

# Haleellaa Faransaayi

Namoota haleellaa Faransaayi irratti raawwatan jedhaman saddeet keessaa lammummaan isaa achuma Faransaayi kan ta'e Ismaa'el Omar Musxafaa kan jedhamu dargaggeessi ganna 29 harka keessaa qabaachun isaa himame. Akka abbaan taayitaa Faransaay tokko 'Associated Press'-f himetti, abbaan Musxafaa, obboleessifi miseensonni maatii kan biroo hidhamuun qoratamaa jiru. Haleellaa lammiilee Faransaay irratti jimaata sadaasa 13 raawwatame kun bakkeewwan jaha karoorfaman keessaa galma konsartii keessatti inni ta'e lubbuu namoota saddeettamaa galaafatee ture.

Namoota 129 Paaris keessatti du'an dabalatee, namoonni 352 yoo miidhaman, 99 yoo xiqqaate miidhaa cimaan irra ga'uu isaa gabaasamee jira.

Piresdaantin Faransaayi Holaanden gochi akkasii kun, "gocha waraanati!" jechuun dubbatanii jiru jedha gabaasni BBC. Piresdaantichi kun "waraana baafnee, garaa jabaanna!!" jechuun dabalataan ibsanii jiru.

Maddeen adda addaa akka waliin darbatanitti, sababa haleellaa kanaaf ka'uumsi haleellaa xiyyaaraa Mootummaa Ameerikaatin baha giddu galaa irratti ta'e keessatti Faransaay hirmaachuu ishiiti jedhu.

Achuma Faransaayi bahaa keessatti Baaburri yaalii irra ture karaa gadi dhiisudhaan lubbuu namoota 10 galaafachuun isaas ifa bahe. Hogganaan kutaa sanaa akka ibsetti, baaburri kuni sadaaasa 14/2015 yeroo shaakallii irra turetti, ariitii guddaadhan waan deemaa tureef karaa isaa gadi lakkisee ba'uudhan lubbuu namoota kanneenii galaafate. Namoonni 32 miidhaa xiqqaan yoo irra gahu, 12 immoo miidhaa guddaan irra gaheera jedha gabaasni Roowters.

Haleellaa achuma Faransaayi keessatti ji'oottan muraasa obbolaa lamaan Shariif Koochifi Sa'iid Koochii jedhamaniin ta'e irrattis lubbuun namoota 12 yoo dabartu, 11 ol ta'an immoo miidhan irra gahuun ni yaadatama.

Faransaayi walumaagalatti, turtii guyyoota sadi hin guunne keessatti lammiilee ishii 139 yoo lubbuudhan lafa kana irraa dhabdu, 495 kan ta'an immoo miidhaa cimaan irra gahuu danda'eera.

Dhugumattuu yoo itti hubatan, dubbiin biyyoonni guddataniifi nagaa qaban harka isaanii dheeraa biyyoota diinagdeen duubatti hafaniifi biyyoottan nagaa hin qabne gidduu galchuun isaanii, naanna'ee naanna'ee gaaga'amni gama tokkoon jalqabe gara gama biraattis ce'uun isaa akka hin oolle agarsiisa.

# RAASHIYAAN DHUGAA DOOLAARA MILIYOONA 50'N BITUUF JETTI!!

Dhuma ji'a onkoleessaa irra ture Xiyyaarri Raashiyaa imaltoota 224 fe'ee balala'iinsa irra osoo jiruu Misiraa, gammoojjii Sinnaayi keessatti dhoowiinsa boombii tilmaaman kiiloo giraama tokko ta'u keessatti kiyyeeffameen lubbuun imaltoota kanneenii tokkollee osoo hin hafin barbadaa'e.
Qaamni yakka kana raawwate ifatti yoo beekkamuu baatellee ISIS akka itti gaafatamummaa fudhatu ibsaa turani. Sababa kanaan walqabatee Misir loltoota ISIS 24 bakka isaan dahatanii argamanitti, bakka Xiyyaarri kun kufe irraa km 70 irratti ajjeeftee turte.
Kanumaan walqabateeti hogganaan damee tikaa federaalaa Raashiyaa namoota dhimma kana waliin walqabatee odeeffannoo badii kana ilaallatu kenneef doolara miliyoona shantama badhaasuf fuulletti lallabuu jalqabe.

# Balaa Taanzaaniyaa


Sadaasa 17/2015, Taanzaaniyaa dhihaatti namoonni albuuda barbaadan shan lafa jalatti awwaalamanii erga guyyoota 41f turanii, booda ba'aniiru jedha gabaasni BBC.. Poolisiin biyyattii akka himetti ammallee namoonni kan biroon kudha lama barbaadamaa jiru. Namoonni kunneen guyyoota kana guutuu kan turuu danda'aniif, hidda mukaa, biyyee, raachaafi ilbiisota (bararoo) nyaachaa akka turaniifi amma akka Hospitaala keessatti wal'aanamaa jiran himameera.




# ISIS biyyoota 40

Qaamni mootummaa Islaamaa jedhee of yaamu ISIS gara biyyoota 40'tin akka gargaaramaa jiru piresdaantin Raashiyaa Vilaadmiir Puutin ibse. Itti dabaluudhaan Puutin akka aagabaastotaaf ibsanitti miseensonni G20fi daldaltoonni gargaarsa dhaaba kanaaf kennan keessa jiru jedhaniiru.

NAMA KEEYA SEENAADHAAN



# Dinquu Dayyaasaafi Shukrii Jamaal Hongicharratti akka mootummaattis...

**Yaasoo Kabbabaatiin**
0912 10 40 67
Email.nimoonaa@yahoo.com





Warra hireen san geecheen mootummaan waan hunda sabaati. Nageenya sabaa garamiinuu dhaggeeffatee eeguuniifi eegsissuun kan isaati. Bakka balaan uummametti dafee kan dhagahuufi kan dhaqqabu isa. Balaan sun ammo human isaatii ol kan ta'ullee yoo ta'e odoo sababa saniin namaa mitii simbirri takkallee hin du'in kabajaafi faayidaa siyaasa isaa mara dhiisudhaan gara idila addunyaatti iyyachuudhan gargaarsa gaafatee lammii isaa baraara. Kun dhimma du'uufi jiraachuu ijaa ta'eef kabaja eenyummaafi ilola siyaasatiin olwaan ta'eef jechuudha. Kun egaa biyya kan hin ilaallatu. Mootumman biyya kanatti hundaa'e,bulchiinsi biyya kanatti biqile seenaa keessatti uummata biyyattiitif waan akkanaa jedheen godhees hin beeku! Nama du'urra soba san dura sobeef dursa laata; maqaa kaasee akka booqaa ofitti dhoobeef eeggannoo goda malee namni du'uun madaala tokkollee hin kaasuuf. Seenaa keessatti kutaa biyya kanaa keessaa yeroo beelli hawaasa mara waliin gahee mootiillee Habashoota jalaa ajjeese ni jira. Bara 1888 ALA ammoo beela hamaa kutaa biyyattii gara Kaabaatti dhalateen namoonni garasii baqachuudhaan naannessaa Finfinnee kanatti mucaa durbaa bishaan waraabdee gala turte nyaachuu isaanii seenaan ni yaadata.

Haalli akkanaa kun bara 1984 dhalatee namoonni kutaa kaaba Baha Itoophiyaa keessa jiran walakkaanii ol dhumanii kaan ammo iddoo san gadhiisanii baqachuun isaanitis yaadannoo yeroo dhihooti. Mootummaan biyya keenyaa bulchaa jiru kun hongee biyyatti gama Bahaatiin muudate kana ilaalchisee ilaalchafi ejjennoo adda addaa kan qabu ta'uun isaa saba himoolee isaa irraallee odoo hin hafin mul'achaafi dhagahamaatii jira. Yeroo jalqaba hongeen kun dhalachuu jalqabu wantichi hongee malee beela hin fidu jechuun miidhaa hawaasaa cinaa tokkotti dhiisee darbuun isaa waan yaadatamu.

Biyya kam keessattuu hongeen beela fiduu akka danda'u garuu namoota biyya bulchu dhiisitii daa'immanuu yaaduufi tilamaamuun akka danda'an wal nama hin gaafachiisu. Biyyoota guddatan keessatti haalli hongeen uummamee beelli itti dhabamuu danda'u ni jira. Kun garuu biyya akka biyya keenyaa keessatti kan hin yaadamneedha.Biyyanatti odoo hongeenuu hhin uumamin beelli jira waan ta'eef haala akkanaa keessatti beelli ni dhabama jedhanii eegunis ta'ee yaaduun tasuma dogongora. Mootummaan waggootii kurnaala lamaan darbaniif misooma ariifachiisaa fideen jira jedhee ijaa labsaa tureef har'a wanti sun adeemsa uumamaa keessa ifa jalaa baanaan iccitii isaa eeggachuurratti qofa duuluun du'a sba kanaa dagatee san jedhe malee hongichi beela uumeen lubbuun namaafi beelladaa akka baalaatti harca'aa jiraachuu kunoo sabihimaaleen biyyoota biraa gabaasaa jiruu mitii. Misoomni sun midhaan nyaataatiin of danda'uu mul'isuu isaa himuuf jecha du'a lammii dhoksuun kun Haylasillaaseefillee akka hin tolle maalif barachuu didan laata? Wanti baay'ee nama ajaayibu erga wantichi afaan addunyaalessaa gaheen booddee ammoo ejjennoon aangawoota mootummaa sadarkaa adda addaarra jiran gargar ta'uu isaati. Warreen sadarkaa federaalaa jiran ammallee midhaan nyaatatiin of danda'uu isaanii yoo jabeessanii labsan warri sadarkaa naannootti muudamanii jiran ammoo dhugicha amananii jirau. Garuu sochii barbaachisaa ta'e gochuuf ajaja warra isaa bulchuu waan eeggataniif tarkaanfiin hanga isaan irraa eeggamu hin fudhatamne. Haalli kun ammoo takkaafuu soba misoomaafi idhaan nyaatataiin of danda'uu labsamaa ture san eeguuf ykn ammoo nyaarri bulchitoota isaanii waan hin hiikkanneef ta'uu mala. Oduma isaan kana jedhanuu garuu lakoofsa namoota beela'ee miiliyoona 15.6 ta'uufi kunuu dabaluu akka malu dhaabbanni gargaarsa idila addunyaa UNICEF himuutti jira.

Hongeen saba yaa miidhu malee TPLF akkamitti akka hogeetti fayyadamu ni beeka. Hongeen namoota keenyaaf gadda yoo ta'ellee faayidaa TPLF garuu caama ganamaati;suuta karkarfatee nyaachuu itti beeka waan ta'eef. Bara 1984 yeroo kaabni biyyattii akka malee beelawe san gargaarsa walisaan biyya Ihgiliizii Bob Gildoof walitti qabe keessaa doolaara miiliyoona 100 samiirratti qolobatanii fayyadamuun isaanii hin mamamu. Kanas saniin eeggachaa jiraachuu isaaniit ta'a malee nama beela'aa jiru hin beelofne jechuun kun maraatuu yoo ta'e malee sammuu nagayaa keessaa hin maddu.







Yeroo rakkoo keenyaa dawoo jabaa saba kanaa ta'uun yoomiyyuu kan saba kana tajaajilaa jiru Obbo Dinquu Dayyaasaa namu isin dhagayuu didus ani isin dhagayeen jira; waan qabnu waliin nyaanna jechuudhan lammii keenya kan beela'e kanaaf midhaan kuntaala 400 fe'ee dhaqee hiruudhaan lubbuun saba keenyaa du'arraa baraaruun isaa waan saba keenya maraaf fakkeenya guddaa ta'uu qabuudha. sagalee keenya dhageechisuun qaxaleen bara kana sabni keenya argate wallisaa Shukurii Jamaalis akka wallisaattis akka mootummaattis sagalee isaa ammas nu dhageechisee dhugaa gola keessa jiru kana ifatti baasee jira. Kunoo sabni keenya hoongee kaateen beelawee qaamni foon daaree lubbuun akka baalaa harca'aa jiraachuu walleedhan sagalee isaa miidhagaa saniin addunyaatti nuu iyyee jiraatii,gahee bahuu qabuu ol nuu bahee sagalee teenya nuu dhageechisee jiraa nutis isa faana sagalee yaa baafannu. Silaa kun kan mootummaan gochuu qabu tureeyyu. Saniif hin qananiine waan ta'eef isa achiin hir'ina argisiise isaan nuuf guutan.

Shukriin arma dura yeroo wallisaan habashaa olaantummaa isaanii nurratti labsuuf jedhee ka'e san sagalee tokkoon weelluu 'MAA BAACAA' jedhuun deebii laachudhaan wallisaa warra Habashaa Teediroos Kaasahuunifi Habashoota mara hamilee daakuun nurraa afaan qabachiisuun isaa ni yaadatama. Obbo Dinquufi Shukuriidhan Deebanaa jechaa warri kaan haala isaan itti deemaa jiran kana fakkeenya yaa godhannuun dhaamsa!.

**Ana, Yaasoodha!**



## Mootummaan Hin dogongoru moo...

Fuula 3 irraa nanna'e...

Yeroo har'aa kana Oromoo uffatas ta'ee faaya qalamni isaa Diimaafi Magariisa ta'e kaawwatee argameen ABO dha jechuudhan gugsuun waan barameef halluun kun akka eebootti sodaattama. Namni faaya akkanaa kaawwatee deemu alaabaa ABOti kaawwate jedhameet hidhaatti darbama;reebamas. Dhugaa dubbachuuf garuu alaabaan akka alaabaatti waan guutuu qabu tokkotu irra jiraata. Asxaa,halluu bifa qixa ta'eefi teessuma isaa eeggateen yoo hin qabaanne alaabaa hin jedhamu. Ofiillee mootummaa keenyaaf akkasii miti malee! Kan baay'ee nama ajaayibu qalamni diimaafi magariisni kun alaabaa dhaaba DH D U O/OPDO keessallee bifuma kanaan jira. Mee Rabbi isinitti yaa mul'isuutii qalamni kunneen yoo gara lachuu jiraate namni faaya isaa keessatti halluu kana makatee uffate kan isa kamiitiif dhaanamee,mankaraaree hidhama yookinis ammoo du'aree? Jarri kun hoo qalamni kun alaabaa dhaaba isaanii keessa jiraachuu beekuu laata? Yoo hin beekne yaadadhaatii ijoollees dhiisaamee Waan ofii keessaa hafanirratti nama biraa adabuutii !

**Sadi jedhaa !**

Waan hundaa ol ammoo dogongoruu odoo hin taane dogongogruu isaanii wallaaluun kun aakkudha! Dogongoruu wallaaluun gamatti ammoo yeroo namni itti hime fudhachuu diduun kun of jaja(Arrogance) guddaadha! Kanaan Afuriifi Shani jedhaa!

Ana, Yaasoodha!







## Ulee Fari'oonifi Muusee

Fuula 3 irraa nanna'e...

Dubbiin riferendamii dubbii yakkaa qofa odoo hin taane dubbii cubbuu taatee argamte. Rifereendamii hojiirra oolchun yaa hafuutii nama tasa galmee jechaa odoo dubbisuu maqaa kana ol fuudhee dhahe, ykn ammoo tasa mana barnootaatti hiika riferendamii gaafatamee deebise mara rasaasni hirbaata biyyoo goote. Riferendamiin biyya kanatti sammuu beektotaa keessaa haqamee akka baduuf wanti danda'amu marti adeemsifame. Dubbiin dubbii cunqursaati waan ta'eef haalicha kan keessa deebi'ee ilaaluu danda'u warra cunqursaniifi booji'amtoota isaanii kana qofa ta'ee argame.

Barri baraan qaari'eet, yeroon riferendamiin fedha warra bulchitoota keenyaa ta'ee asbahee har'a mul'ate. Afaan bara san dhimma saba keenyaa taanan riferendamii cubbuu godhan saniin amma ammoo lafa saba keenyaa saamuuf riferendamii qabatanii as dacha'an. Inni gaafa keenyaa raajii seexanaa ta'e sun gaafa isaanii ammoo himtee afaan waaq ta'uu isaa nutti himuuf heddu tirtiraa jiru. Magaalotiin Oromiyaa Finfinneerraa kilomeetira 150 irratti argaman marti Finfinnee jala yaagalan jechuun 'Master plan' qopheessanii lafa saba kanaa saamuuf adeemsi dura jalqaban bu'aa wayituu fiduufii didnaan har'a ammoo maqaa gaafas yakka jedhanii tufan san, lakkii gaaridha jedhanii arraabun isaanii 'durattuu ni urgooftaa ittuu ofitti dhuufi' kan jedhan san isaan taasisa. Keessahuu ammoo akkuma warri Israa'el Fari'oonin jedhan san qe'eetti nu dhufanii takkaa shakkamaa takkaa yakkamaa nuun jechuun gamatti lafaafi eenyummaa keenya saamuufi balleessuufillee waanuma arginuufi dhageenyu kanneen akka isin beektanitti odoo hin taane akka nuti isiniif beeknutti deemtu nuun jechuun kun hin gahuu laata? Hin raawwatuu?

Babal'inni magaalaa Finfinnee eessaa garamitti deema? Magaalattiin eenyutti dhiphatteet eenyuf bal'atti? Warri nutti dhiphatte jedhan bakka isaanitti bal'atutti yaadeeman malee akkamiin fedhaafi akeeka abbaa biyyaa malee saamichatti galu?

Yaa jamaa gurraacha; heera warrumti isin bulchina jedhanii qopheessan kana keessatti, magaalaan Finfinnee magaalaa gudditti Oromiyaati jedhanii katabanii jiru. Dubbichi 'Abbaan quba hin qabu sareen quba fixxee' san ta'uullee jechuudha. Arma dura bara 2002 asii bahaa jedhamanii ari'amnaan akka saree abbaa argee san eegee micciirratanii, qiraaqinboo qaban guuranii, kan haftes gatanii Adaamaatti akka dhidhiman yaadachaatii, bara 2005 ammoo Amaarri goobnan ammas akka qotiyyoo yeroo qonna dide cidii deebisa fariitirra goodhanii itti argisiisan san Finfinneen keessanii koottaa jedhamnaan mana Adaamaatti ijaaruu eegalanillee odoo hin xumurin akka kaatanii bahanitti kaatanii galan warri OPDO. Har'as wanti ta'aa jiru sanuma. Finfinneen babal'achuu qabdi yoo jedhamu miseensa OPDO keessaa kan waan kana jala dhaabbate nama qubaan lakkaa'amu; kaan waan kana raawwachiisuuf halkanii guyyaa dhama'a. rifereendamii nuti jenne sanitu akka ulee Muusee ta'ee dhufe. Magaalaan Finfinnee teenya jedhamtu tun nuti ishii irraayyuu faayidaa nubarbaachisu argachuu qabna jennee odoo morminuu, sun hafee Finfinneen faayidaa addaa nugaafachaa jiraachuun ishii raajii raagni hin hiikne. Magaalittiin yaa guddattu jedhaniit yaadanii kana godhan jechuutti magaalattii gedduudhaa manqursii (qumbursii) gara qarqaraatii faltiifi xiyyoodhaa ammoo mana qabdu tana bakkuma jirtutti sirreessufuu walakkaa jaarraa tokkootii ol fudhachuu waan danda'uuf isuma odoo sirreessani isaaniif wayya ture. Kumaafi abbay Tsahaay garuu haaloo bahuuf waan deemaniif karaa ittiin sabicha lafarraa balleessan barbaacha ajandaa saba kana aarsuufi kakaasu qofa soquun ilmaan saba kanaa galaafatu. Warri Finfinneen itti dhiphate Galaanimoo Gulalleedha? Gimbichumoo Aabbichu? … Yoo jarri kun nutti dhiphatee nuuf bal'isaa jedhan dhugumaayyuu gaaffiin kun haqa qabeessaa marabbaa jennaan. Kanaan achi garuu keessummaan manni kee jallate jedhee mana haara'a ijaaruuf utubaa dhiibuun kan hin baramne waan ta'eef dubbiin kun akka kaarruu saree isinirraa fokkisee jiraatii dhaabbadhaa jennaan. kanarra darbuun warri manni nutti dhiphate jedhu bakka dhufetti deebi'uu ni danda'aatii fedhan calaa jechuu mirga. kan kanaan gamaa itti horfaan abidda dhaamsatii kan beekkate kanarraa of eegun amma.

Uleen keessan kan Muusee keenya kan Fari'oon ta'uus nutti himuuf akka hin yaalle, jechaa adeemsa balaa qabu kana keessatti hirmaachuun seenaa godaannisa lammeessee sadeessu akka nutti hin finneen dhaamsa garanumaan nuti warra Oromoo bakka buuna jedhaniif dabarsinuutii hubadhaa!

Ana, Yaasoodha!


# “Ofii hin teenye; bakka kaaneef garuu hin geenye!”

## Sime Tufaa

**Leelloo:**Simee mee yeroo ijoollummaa kee ibsi
**Simee:** Ani didaadha.
**Leelloo:** Maal didda?
**Simee:** Gabrummaadha.Cunqursaa hin jaaladhu.
**Leelloo:** Didaa ta’uun ofumaafuu bilisumaadha jedhama hangama dhugaadha.
**Simee:** Dhugaadha.Namni gaafa diduu jalqabu bilisummaa ofii murteefachuu jalqabaa bar!
**Leelloo:**Diduun kun kan dhaalame moo tasuma ati jalqabde?
**Simee:** Kan dhaalame malee.Ani saba kiyya keessaa nama hedduun akka fakkeenyaatti kaasa.
Taaddasaa Birruu Janaraala. Aangoo guddaarra nama jiru.Gabrummaa jibbuudhan nama didee ka’e.Kanan dhaale.
**Leelloo:** Aartiin saba gabrummaa jala jiruuf maali?
**Simee:** Dawaa hamilee cabee;qoricha sammuu madaayeti!
**Leelloo:** Artiin sibaa saba Oromoo gama kanaan maal fak kaatti?
**Simee:** Hunda ta’uus baatu kan fal’aanaan itti qicu hin dhibne. Garuu fal’aana kanaan itti qicuufillee kadhannaa qofti gahaa miti. Haa ta’u malee galanni kan aartistoota hangafootaa yaa ta’u aartiin keenya har’a qixa kan isaan waggaa dhibbaan dura jalqabaniit deemaa jira. Isaan Sirba Ashaan gadaawoo irraa jalqaban.
Salphumatti ‘hin teeny bakka kaaneef garuu hin geenye!
**Leelloo:** “Ashaan Gadaawoo” jechuun maali?
**Simee:** “Ayishaan Gadaayuu” ykn Ayishaa ajjeesne isa jedhur raa dhufe.Intala mootii wallooti ishii ajjeesaniit dhaadachaa turan.Achirraa ka’e.
**Leelloo:**Ka’umsi yaadaloofi walaloo kee maali?
**Simee:** Jaalatanii hin godooman!(Kolfa dheeraa)
**Leelloo:** Maal jechuudha?
**Simee:** Jaaladhee aartistii hin taane ta’een uummame malee!
**Leelloo:** Oromoomoofi Oromiyaa akkamitti hubatta?
**Simee:** Ija bitaafi mirgaatii miti. Ija tokko keessatti kutaa adda addaati. Kan jechuun namni Oromoo hin taane tokko Oromiyaa faayidaadhaaf jaalachuu danda’a;garuu Oro moo hin fedhu ta’a. Oromoon garuu kana lachuu of keessaa qaba!
**Leelloo:** Mee lafa Oromiyaa minyaa malee gurguraamaafi saammamaa jiru kanarratti akkam jetta?
**Simee:** Humnaan irraa dhoowwuu baadhus warra lakkii farrisan keessaa isa tokko!
**Leelloo:** Simeen saba keenya kan hongeen miidhe kanarratti hoo maal qaba?










**Simee:**
Bara hongeen hammaatee,
Garaan dachii gogee samiin olfagaate,
Uummamnillee laafee,
Hongeen lubbuu daafe,
Ani mana gumaa hin dhaqu wacageetu taa’aa,
Sumattan oliyya Rabbi sit dhaga’aa!
Jiidha garaa keetii lafarratti roobsi,
Qara hongee doomsi!
Jedheetan waammadhee ,
Dhaamsa ol dhaammadhee!
Galanni isaa hin badin ililchaa yaa namaa;
Garuu ani tokkon kadhadhee,deebiin isaa lamaa!
Yoosuu gadi roobee lafa goge jiisee,
Takka odoo hin turin cabbie gadi dhiisee!
Takka kakawwisaa,
Takka calaqqisaa!
Afaanii hin baafanne garuma koottii,
Naa roobiin kadhadhee anoo rooban hawwee,
Maaliif kakawwisa maaliif dhaana qawwee,
Cabbii rooba hin dirrisaa,
Eessan seena godoon koo hin dhimmisaa!
Deemuuf lafti dukkana,
Eessa abbaakoon quphana!
Eessa kiyyan of geessa;
Gaaddisa odaa jalattin dheessa!
Durumaa jalqabee odaan nuuf gaaddisaa;
Aduun nama hin tuqu dawoodha baallisaa!
Garuu erga bara kanaa erga baallaa horee,
Damee lamaan gedduutti biqilcheera qoree!
Achi jala ciisufis qoraattiin sodaadhee,
Fira gaafa rakkoo birattan godaane rakkoo kiyya baadhee!
Finni ani ittiin dhaadadhu,
Nyaara natti guure yoon nagaya gaafadhu!
Mee har’a na bulchaa godoon koo hin dhimmisee,
Jedheetan gaafadhe koomee lafa hanqisee,
Akkas jedhe firri koo,
Ilaa as ijoolleet ciisaa achi jabbootat bula
Yeroon barbaaddadhu ni cufannaa ulaa!
Naan jedhe firri dur isan abdadhaa,
Kan inni na jibbee fira eessaan argadhaa?
Fedhus yaa dhimmisu,fedhus gad yaa naquu,
Godoo koottan gala eessumaayyuu hin dhaqu
Jedheetan deebi’ee godoo koo banadhe;
Maqaa Rabbii waamuu ani yooman dagadhe!
Yaa rabbi jedheetan maqaa Rabbii dha’ee
Cinaacha koo qorre geessee lafaan ga’ee!
Hirriibnis na fuute dadhabee eelalee,
Rimoota yaadaa fudheen chaanaalii geeddaree
Abjuudhumaan muudii ilaaluu eegalee!
Abjuun ani abjoodhus godoo koo dhimmisuuf citaa haamuu miti;
Warra citaa haamus daboo waamuu miti!
Takkumaa hin yaadanne na dura hin qabu waa’ee godoo kootii;
Cabbii keessallee ciisee kanan yaaduut jiru waa’ee qomoo kooti!
Mee onnee horadhuu,
isuma na uumee mee ka’ee komadhuu!?
Maali yoon komadhe silas tokkicha na uumee,
Wayin lama ta’ee?
Gadiitu natti raarrisaa wayin nama ta’aa?
Dubbii haati gootaa imimmaan harcaaftee ilma ishiitiif booche,
Attamiin dagatee galmee jala oolche!
Mee onnee horadhuu,
isuma na uumee mee ka’ee komadhuu!?
Maali yoon komadhe silas tokkicha na uumee,
Wayin lama ta’ee?
Gadiitu natti raarrisaa wayin nama ta’aa?
A’aa ! kunillee nah in baasu!
Rabbi naaf yaa dhiisuu!
Innillee hin barbaaduu
Anis ammoo hin qabuu waanan kennee kiisuu,
Yoon hagabuu bules galata kee jedhee maqaa saa leellisee
Galmee keenya hundaa isatti oldeebisee!

*Kutaa 2ffaa*



**Simee Tufaa**





# Saba magaala muummittii hin qabne; qabsoo Oromoon Finfinneef godhu

Milkeessaa Miidhagaatiin
milkessam@gmail.com



Heerri Biyyi Itoophiyaa naannoo sagaliifi magaala tokkoof beekkamtii kenna (Heera Federaalaa Keewwata 47 fi 49). Naannoleen saglan kunneen Tigraay, Affaar, Amaara, Oromiyaa, Sumaalee, Beenishaangul-Gumuz, Uummattoota Kibbaa, Gaambeelaafi Hararii dha. Magaalli beekkamtii heeraa qabdu Finfinnee qofa, isheenis teessoo Mootummaa Federaalaati jedhamtee waan moggaafamteefi. Dirree Dawaan beekkamtii heeraa hin qabdu. Kanaaf, ykn naannoo tokko keessa galuu qabdi ykn beekamtii heeraa argachuu qabdi. Kana lamaan ta'uu yoo baate qaama dachee biyya Itoophiyaati jechuun nama rakkisa sababni isaa qaama heerummaa hin qabdu. Heerri Federaalaa (1995) keewwanni 2ffaa "lafa biyya Itoophiyaa kan jedhamu lafa naannolee saglaniiti" jedha. Lafti Itoophiyaa kan naannolee saglanii alaa hin jiru. Lafti Finfinnee lafa Naannoo Oromiyaa ta'uu karaa wal nama hin dhoofneen kaa'eera Heerri Federaalaa Itoophiyaa (Keewwata 2, 47, 49). Kanaaf, Dirree Dawaan heeraa ala jiraataa jirti (extra constitutional).

Dubbii ijoo koottan deebi'a. Innis waa'ee Oromofi magaala Finfinneeti. Magaalonni bara ammaayyaa kana keessa madda qaroominaafi giddu gala kalaqaati. Jireenyi fooyya'aan, ka ammayya ta'es magaaluma jira. Magaalli teessoo nama barateeti. Walumaa galatti magaalli wiirtuu qaroominaa, kalaqaa, siyaasaa, dinagdee, barnootaafi odeeffannooti. Sabni magaala keessa hin jiraanne kana hunda hin qabu. Kun immoo doofummaa waan hundaa gadii fida.

Magaalonni gurguddoon Oromiyaa keessaa, kan isaan akka magaalaatti hundaa'an bara Minilik keessa. Kunis kan ta'e uummata Oromootu lafa sana irraa ari'amee, loltuun sirna Nafxenyaa Minilik achirra akka qubatanii Oromoota naannoo sanaa bulchan taasifame. Loltootni Minilik Afaan Amaaraa dubbatu, aadaa Amaaraa hordofu, Oromoota tokko tokkos fuudhuufi itti heerumuun ni Amaaressu turani. Kanaafuu, bu'uurri aadaafi afaan magaalota Oromiyaa Afaan Amaaraafi aadaa Amaaraa ture jechuudha. Magaalonni Oromootaan hundaa'anis dhumni isaani kan Nafxenyaa akka ta'u ta'eera. Finfinneenis haaluma kanaan qe'een warra Tufaa Munaa badeetu akka teessoo Impaayera Itoophiyaa Minilik taatee bara 1886 gadi suuqamte.

Erga hundeeffamtee kaasee hanga bara 1936tti sirna Nafxenyaatu irratti wal ijaaree Afaaniifi Aadaan Oromoo irraa mancaasaa dhufe. Bara 1936 hanga bara 1941tti Xaaliyaaniin afaan barnootaa magaala Finfinnee keessaa Afaan Amaaraafi Afaan Oromoo goote. Oromoonni Finfinneefi naannoo ishee barumsatti ijoollee isaanii erguu jalqabani. Waggaa shanii booda Hayile Sillaaseen aangoo isaatti deeebi'uun afaan barnootaa Afaan Amaaraa qofa akka ta'u akka biyyaatti bara 1942 labsii baase. Oromoonnis barnoota irraa itti famani. Bara sanaa kaasee bara Dargiis, bara Adda Dimokraatawaa Warraaqsa Uummattoota Itoophiyaa (ADWUI) s Oromoon Finfinnee barnoota irraa akka dhorkametti hafe. ADWUIn bara 1991 aangoo qabatee bakka garaa garaatti Afaan Oromoodhaan barnootni akka itti fufu godhus Finfinneen akkuma bara Minilikitti afaan tokkittiidhaan barsiisuu isheetti fuftu taasise. Imaammata barnootashees Naannoo Amaaraatu qopheessaafi (kitaaba barumsaa kutaa gadi aanaa Finfinnee ilaalaa).

Heerri Naannoo Oromiyaa magaalli muummitii Oromiyaa Finfinneedha jedha; garuu heerichuu magaala Finfinnee irratti aangoo hin qabu. Imaammanni barnootaa magaala guddittii Oromiyaa Naannoo Amaaraatu murteessaafi (kitaaba barataa kutaa gadi aanaa irratti akka Naannoo Amaaraatiin qophaa'e barraa'eetu jira). Naannoon Oromiyaa dantaa addaa Heeraa Federaalaa Keewwata 49 (5)niin kennameef illee argachuu ni dhorkamte. Magaala Finfinnee keessatti Afaan Amaaraafi aadaa Amaaraa qofatu babaldhataa deema; Afaan Oromoo immoo handaara magaalaa irraallee ari'amaadhuma deemaa jira jaarmiyaalee mootummaatiin. Asirratti wanti hubatamuu qabu, Chaartariin Finfinnee bara 1997 bahe gandoota baadiyyaa 23 (digdamii sadiif) beekkamtii kennee ture, qotee-bultoota Oromoo barnoota irraa dhorkamanii waggaa hedduu turan kana chaartarichumti bara 2003 fooyya'uun gandoonni baadiyyaa hin jirani jechuun lafa hundashee qotee-bultoota Oromoo irraa fudhachuun uummanni kun achi buuteen isaanii dhabameera. Kun waan fagoo miti. Finfinneen baldhataadhuma deemti aaddafi afaan saba Oromoo balleessaa. Hubadhaa, naannoleen saddeetan biyya kanaa Oromiyaa irraa kan hafe magaala guddoo isaanii keessatti seera baafataniitu afaaniifi aadaa isaanii dagaagfataa jiru, kan Naannoo Oromiyaa garuu magaallli Finfinnee of keessatti guddisuu miti handaara magaalittiirraa afaaniifi aadaa jirtullee mancaasaa jirti.

Amma immoo dunuunfatteetu maastar pilaaniidhaan aanaalee Oromiyaa 17fi maalota 36 of jala oolfachuuf wajagaa jirti (Karoora Maastar Pilaanii, 2014). Duris qotee bultoonni Oromoo maqaadhuma misoomaatiin ka'aa turani, aadaafi Afaan Oromoos handaara Finfinnee irraa maqaa misoomaatiin badani. Gandoonni 23 sunis maquma misoomaatiin badani. Bara Minilikii kaasee hanga ammaattillee Bulchiinsi magaalaa Finfinnee Afaan Amaaraatiin maastar pilaanii lafa hektaara miiliyoona 1.1 Oromiyaa irraa fudhattee hin beektu. Maastar pilaanii ammaatiin kana yoo goote Finfinneen lafa ishee amma qabdu si'a digdamaan guddifatti jechuudha; kana jechuun Oromoon naannoo giddu galaa "Shawaa Kifleagerii" duriitti deebi'a; sabni Oromoo kan bara kamiiyyuu caalaa maqaa misoomaatiin buqqa'a jechuudha.


Gaaffii namni kamuu ofgaafachuu qabu, Finfinneen yoo teessoo mootummaa federaalaa taate Oromiyaa jalatti akka isheen hin bulle wanti dhorku hin jiru. Fakkeenyaaf, magaalli guddoon Switzerland, Bern jedhamti, bulchiinsi magaala Bern Naannoo Bern jalatti bulti. Afriikaan Kibbaa magaala guddittii sadii qabdi- kan bulchiinsaa (Pretoria), kan mana maree (Cape Town), kan mana murtii walii gala (Bloemfontein). Magaalonni sadanuu naannoo keessatti argaman jalatti bulu. Magaalli guddoo Kaanaadaa Toroontoon mootummaa federaalaan miti kan bulaa jirtu. Magaalli muummittiin Bosiiniyaa-Herzigoviinaas mootummaa federaalaan miti kan bultu. Brussels magaalli guddittiin Beeljiyeem mootummaa Fideraalaatiin miti kan bultu. Brussels magaala af-lameettiidha [bilingual--Dachiifi Faransaay]. Akkuma Finfinnee, Brussels saba Dachitu marsee jira; magaala keessa immoo Faransaayitu baay'ata. Aangoon, afaan, waanti hundi saba lamaan jidduutti hirama. Kanaafuu, wanni Finfinnee irratti godhumaa jiru ukkaamsaa mootummaa abbaa irreeti, innis kan warra mootota durii irraa gargar miti yoo lafa qotee bulaa saamuudhaan caale malee. Furmaanni isaa tokkoffaa, maastar pilaaniin qindaa'aa jedhamu kun yeroo xumuraaf guutummaa guutuutti hafuu qaba. Finfinneen ol malee dalga Oromoo buqqiftee guddachuu hin qabdu. Hatattamaan Mirgi addaa Oromiyaa hojiitti hiikamuu qaba. Galiin Finnfinnee irraa sassaabamu Oromiyaan hirachuun qotee-bultoota xurii Finfinneen miidhamaa jiran gargaaruu, imaammanni hawaasummaa Finfinnee Oromiyaa jala galuun manneen fayyaa Finfinnee afaan lamaan dalaguu qabu (doktoroonni afaan lamaanuu kan danda'an ta'uu qaba qormaata afaaniitiin), mana barumsaa haaraan ijaaramuu hin qabu; isuma jiru Afaan Oromoofi Afaan Amaaraa jedhamee bakka lamatti qoodama; manni jireenyaa Oromootaaf addatti Oromiyaadhaan ijaaramee Oromoonni baay'inaan akka Finfinneetti galan godhamuu qaba; gosoonni Oromoo Guullalleefi Ekkaa qoratamanii deebi'anii afaan isaanii baratanii ijaaramuu qabu dacheen kan isaanii waan ta'eef. Ammaaf Aadaan Godina Finfinnee kan Galaan ta'uu isaati. Galaan Oromoo mara Finfinnee keessatti tokkummeessa jechuudha. Miidiyaan Finfinnee afaan lamaan dalaguu qaba. Kantiibaafi manni maree bulchiinsa Finfinnee akkuma magaalota Oromiyaa kaaniitti ijaaramuu qabu. Manneen murtii Finfinnee keessaa mana murtii Oromiyaa jala galuu qaba. Sabootaafi sablammoonni hirmaannaa siyaasaa argachuu qabu. Aadaan isaaniis ni kabajama; yoo lakkoofsi isaanii baay'ee ta'e manni barumsaa ni saaqamaaf. Kanas kan murteessu Caffee Oromiyaati. Waan kana galmaan gahuuf Oromoon hundi utuu siyaasaan deeggaraa-mormaa jedhee wal hin qoodiin eenyummaa Oromummaa Finfinnee irratti deebisee ijaaruuf qabsaa'uu qaba.





Yoomiyyuu Mul'ataatiin
0912841550
mulataayomillee@yahoo.com

# BITTE-GURGUROO LAFA OROMOO IRRATTI MARIIN ITTI FUFEE JIRA



Waadaan waadaadha. Maxxansa duraa irratti odeeffannoo guutuu waa'ee " pilaanii misooma Qindaawaa FinfinneefiMagaalota Naannawaa Finfinnee" isinii dhiyeessuuf waadaa isiniif seennee ture. Akkuma waadaa galletti kunoo waadaa keenya kabajnee isiniif dhiyaannee jira. Barreeffamni Fulbaana 19, 2008 A.L.H tti fooyya'ee qophaa'uudhaan qaamolee mootummaa garaagaraaf bifa dhoksaadhaan mariif dhiyaate dhaadannoo akkas jedhuun eegala: "hojiiwwan misoomaafi Faayidaa uummata keenyaa guutuuf karoorfamanii hojjetaman ka'umsa jeequmsaa ta'uu hin qaban!"

Barreeffamni sun barbaachisummaafi faayidaa pilaanichaa akkas jechuun ibsa: "magaalota naannawaa Finfinnee jiran magaalaa Finfinnee waliin walitti hidhuudhaan misooma saffisaa uummata Oromoo naannawaa fayyadamoo taasisuu, magaalotni haalli teessuma isaanii waldaangessan fedhii ofiif qaban irraa ka'anii yeroo karoora magaalaa isaanii qopheeffatan karaa wal hin fakkaanneefi wal hin simneen yoo deemame magaalli tokko kan birootiif guddina ta'uun hafee gufuu ta'uu danda'a. Fakkeenyaaf, magaalli tokko lafa daangessu irratti pilaanii mana jireenyaa babal'isuu yoo qabaate magaalli itti aanee jiru immoo pilaanii industirii babal'isuu yoo qabaate manni jireenyaafi industiriin wal keessa makamee fayyaa dhala namaa irratti miidhaa qaqqabsiisuu danda'a, tajaajila misoomaa walitti hidhuuf (enhance regional cooperation)..."

Dhaadannoo barreeffamni mariif qophaa'e kun jedhu irraa kaanee guutummaasaa haa ilaallu. Oromoon uummata waan isa fayyaduuf miidhu akka hin beeknetti haasa'uun mataansaa tuffii uummatichaaf qaban mul'isa. Uummanni Oromoo uummata misooma jibbu osoo hin ta'iin uummata ofii beela'ee orma nyaachisudha. Waan hunda dura uummata nagaafi tasgabbii filatudha. kanaafuu, uummatichi misooma ykn faayidaa argachuu malu jibbee uummata fincila kaasu miti. Inumaayyuu osoo saamamuu hanga gaafa labsiin lafa isaa irratti baatutti uummata callisuu filatedha. Dhumarratti garuu, dhimmichi dhimma du'uuf jiraachuu waan ta'eef lubbuusaa osoo hin qusatiin falmachuuf filate. Gama biraatiin, mootummaan waa'een lubbuu ijoollee Oromoo osoo isatti hin dhagahamiin waa'ee jeequmsaafi barbadaa'uu qabeenyaa waggaa guutuu odeessaa bahe. Mormii dhimma maaster pilaanii ilaalchisee mootummaan yeroo ibsa addaaddaa kennu qaama biraa akka ka'umsa jeequmsaatti wayita yakku mul'ata. Guutummaa biyyaarratti akka uummanni jeequ qaamni akkanatti uummata kakaasuu danda'u jira taanan biyyi isaan bulchan sun meerre eessaa? Haasaan akkasii kun doofummaadha.

Lubbuu bahe sanaaf itti gaafatamaan mootummaa tahee utuu jiruu ammas dhimmicharraa of-qusachuu dadhabuun tuffii lubbuu ilmaan Oromoof qaban mul'isa. Ammas taanan mootummaan dhugaa tokko hubachuu qaba. Oromoon misooma hin jibbu, jibbees hin beeku. Akka durii sanatti immoo taa'ee lafa isaa hin saamsisu. Lafasaa hanga har'atti irraa fudhatamte deebifachuu qabsaa'a malee lafasaa dabalee ormaaf hin kennu. Kana beekun dirqama!

Qabxii biroon barreeffama sana keessatti mul'atu waa'ee barbaachisummaa pilaanichaati. Daangaa magaalota lameenii irratti misooma wal faallessu hambisuuf yaada jedhutu mul'ata. FKN, mana jireenyaafi industirii...Barreeffamichi gad siiqee immoo yaada kanaan wal faallessu qabatee jira. "bal'inni lafa waliigalaa pilaaniin kanaan haammatamu heektara miliyoona 1.2 dha. Pilaanii kun magaaloota 37fi Aanoolee 17 uwwisa. Lafa jiru keessaa magaalaa (%15), Daangaa magaalaan ala jiru (%85), qaama bishaanii-%2, daangaa magaarisaa-%22, lafa qonnaa-%61. Daangaa Finfinneefi godina Addaa irra Magaaloonni 37fi Aanooleen 17 dhuguma jiruu? lafti qonnaa %61 jedhamuhoo daangaa magaaloota lameenii irratti argamaa? Lafa Oromoo heektara mil. 1.2 saamanii booda Finfinneefi magaaloota Oromiyaa walitti hidhuun misooma fiduu dandeenya yaada jedhu kaasuun Oromoo gowwoomsuu osoo hin ta'iin of gowwoomsuu ta'a. Gama tokkoon lafa bal'ina hanga kanaa ga'u saamuuf qophaa'aa gama kaaniin immoo misooma jedhan uummata sossobuun tuffiidha.

Qophii pilaanichaa irraa mootummaa naannoo Oromiyaa qooda maalii qabaa? gaaffii jedhu deebisuu yaaluu isaaniiti fakkaata. "pilaanii qindaawaa kana qopheessuun dura MNOfi Bulchiinsa Magaalaa Finfinnee yaada walfakkaatu maddisiisanii erga walitti fidanii booda boordiin pilaanii qindaawaa kana hoogganu qaama lamaanuu irraa walitti dhufee hundaa'e...Bulchiinsa mootummaa naannoo Oromiyaa irraa miseensota boordii kan ta'an keessaa: Abdul Aziz Mahamad, Asteer Maammoo, Abdul qadir Huseen, Daribuu Jamaal, Tasfaayee Lammeessaa"

Akka amma odeeffamu osoo hin ta'iin bara darbe mormii guddaan kan ka'e qondaalota OPDO olaanaa irraati. Namoonni DhDUO keessaa hojjetan miseensaa hanga kaadiree olaanaatti ejjennoodhaan dhimma maaster pilaanii kana mormaa akka turan hundi keenyi kan gurraan dhageenye osoo hin ta'iin kan ijaan arginedha.

Tarii erga mormii bal'aan guutummaa Oromiyaafi addunyaatti ka'ee; Wareegamni lubbuu osoo hin hafiin itti kaffalamee, namoonni dhimmicha morman gariin hidhamuu, reebamuu, hojii idileerraa arii'amuufi doorsifamuu ni danda'u. Kanaaf immoo ragaa guddaan arrabsoo Magaalaa Hawaasaatti dhagahameefi hojiirraa arii'atamuu hojjettoota TVO ti. Qondaalaan Wayyaanee obbo Abbaay Tsahaay magaalaa Hawaasaatti osoo akkana jedhanii dhagahamanii turan, "jara maaster pilaaniin kun akka lafarra harkifatu taasisaniif gatii harka isaanii kenninaaf" wayita jedhan dhagahamee ture. Tarii qondaalonni OPDO armaan olii kun maaster pilaanii kana jalqabaa kaasanii kan quba qaban osoo hin ta'iin doorsisa qondaala Wayyaanee kana sodaachuu malu. Sodaatanis dhiisanis waa'ee Oromoo Oromootu murteeffachuu qaba. Kanaafuu, dhugaatii waliif bitaa bitte-gurguroo lafa Oromoo irratti marii'achuun abjuu ta'a! Akka barreeffamichi lafa ka'utti Magaalonniifi Aanaalee pilaanicha jalatti haammataman: Buraayyuu, Sabbataa, Caancoo, Muloo, Goorfoo, Sulultaa, Duukam. Galaan, Ejeree, Hoolotaa, Laga Xaafoo, Sandafaa, Bishooftuu, Moojoo, Adaamaa, Soodaree, Godinoo, Caffee Doonsaa, Tafkii, Tajii, Kusayyee, Adulalaa, Wanjii, Qooqaa, Alem Xeenaa, Malkaa Qunxurree, Boonayyaafi... Magaalota kanaas sadarkaadhaan yomumuu ka'an: "sadarkaa 1ffaa...sadarkaa 2ffaa-Adaamaafi Bishooftuu, Sadarkaa 3ffaa-Moojoo, Sandafaa, Caancoo, Hoolotaa,Tajii, Sadarkaa 4ffaa -Caffee Doonsaa, Qooqaa, Sadarkaa 5ffaa- Magaaloota xixiqqoofi mandaraa" Akka waliigalatti magaaloota Oromiyaa kana sadarkaafi gosa tajaajilaa achi hojjetamu addaan qoodanii kan fixan yogguu ta'u; magaalaa kam keessatti tajaajilli akkamii kennamuu akka qabus wixinaa'ee jira. Haa ta'u malee, mormiin uummataafi barattoota Oromoo hanga har'aa kan hin dhaabbatiin jiru yoogguu ta'u gidduu kana mormiin maaster pilaanii qindaawaa jedhamu kanaa barattoota mana Barumsaa sadarkaa lammaffaafi qophaa'inaa Ginciitiin sadaasa 12, 2015 bifa haaraatiin qabsiifamee jira.

Dhiibbaafi mormii uummata biraa isaan mudachuu danda'u immoo qaama biraa barattoota duuba taa'ee dhimmicha gufachiisu itti gaafatamaa gochuu akka danda'an marii kana irratti ibsanii jiru. Qaamni qophaatti barattoota hogganee jeequmsaaf kakaasu kun eenyu akka ta'e garuu ibsamee hin jiru. Yakka dabalataa uumuuf yaaluun itti gaafatamummaa jalaa akka nama hin oolchine hawaasni hubachuu akka qabu marichi nii ibsa. Dhugaadha! Waan hawaasni jibbee wareegama lubbuu itti kaffale humnaan fudhachiisuuf deemuun misooma osoo hin ta'iin badinsa fida.

## Egeree Diinagdee...

Fuula 11 irraa nanna'e...

Kuni haala kamiin ta'uu danda'a?
1.Ijjannoo horachuu
2.Ogummaa qabaniin osoo hojii hin tuffatiin bakkee sabni biraa irratti daldaalu marattu bobba'uu
3.Kallattii ittiin caalmaan argamuu danda'u mara xinxaluu
4.Amala wal-irraa fayyadamuu gabbifachuu
5.Keessattuu Naannolee Magaalaa addaa naannawaa Finfinneetti xiyyeeffannoon hojjachuu
6.Wal garboomfachuu yaalurra, wal gargaaruuf carraaquu
7.Bakka bakka jiranitti damee uummachuun sochii diinagdee bifa wal fakkaataan tarkaanfachiisuu
8.Haala mijataa hin taane kam keessattuu dhiibbatanii bakka qabachuu yaaluu
9.Garraamummaan marmaaruu irraa cimsanii of qusachuu
10.Hojiin jalqabaa yoo milkaa'ina godhatee jijjiramni guddinaa gara biraa kan geessu ta'e bakkee turan san, duubaa dhufaa ofii buusuu, karicha muuxannoo qabaniin deeggaruu
11.Gaafa humni horatame bakka hojii ofiitti dhaloota ofiif dursa kennuu
12.Humni manaan kireessan yoo dhibe, akka eenyumaattuu badheetti hatattamaan hojii eegalu
13.Waan argatan wal irra keewwachuun diinagdee fi qabeenyaa ofi saamicha jalaa baraaruu yaaludha
14.Kun immoo kan ta'uu qabu boru ykn iftaan osoo hin taane ammaan tana!
Yoo Waaqni Oromoo jedhe kutaa itti aanutti qabxiilee armaan olii 14n kana tokko tokkoon ilaaluu yaalla.
Maddi kitaaba "Egeree Keenya"jedhu yoo ta'u keessa keessaa qabxilee muraasa fudhachuun kan dhihaatedha.qabiyyeen kitaaba kanaa waan heedduu of keessaa qabaatullee yeroodhaaf Egeree diinagdee Oromoo fi Oromiyaa jettu fal'aanaan irraa isiniif arjoomera. Kitaabichuma keessaa yeroo biraa akkan Egeree keenya isiniif qoodu gamanumaan waadaa galaan isinis akka imaanaa egeree hin nyaannee fi dammaqinaan hojii irra oolchitan isinitti dhaammachuun kiyya waan hafu miti.
Horaa bulaa!

# Egeree Diinagdee Oromoo fi Oromiyaa. Seensa yaada walii galaa.

Ofiikoo Nuguseetiin
0912 80 78 10

Akkuma beekamu uummanni addunyaa marri gaafa dachee kana irra jiraatu waan dalagu qaba. Haallii fi saayinsiin ittiin gargaaraman gargar ta'ullee hundinuu diinagdee babal'ifachuufidha. Keessattuu dhalli namaa egeree ofii fi dhaloota isaa rakkoolee heedduu irraa baraaruuf guyyaa gaaraa fi hallayyaa bahaa fi bu'aa, halkan immoo yaadan kan xinxalaa bulu waa'ee diinagdee kanaadha. Lolli fi Waraanni, jibbii fi wal-gomachuun caalmaa diinagdee agarsiisuuf malee waan biraaf akka hin taane beekamaadha. Kanumaafis biyyi biyyarratti, namni nama irratti, bineensonnillee daangaa ofii bal'ifatanii yeroo walitti duulan haalan mul'ata. Meeshaan waraanaa xiqqaa hanga Niwukilarii, baasii fi humna guddaan oomishamullee olaantummaa diinagdee ofii mirkaneeffachuufi saamichaf haal dureewwan mijeeffachuuf malee dhimma biraaf miti. Daangaa darbuun halleellaan ta'u, amantii waliin wal-fakkeefamee hololli labsamu, walii galteen guyyaa guyyaan mallattaa'uu fi yaa'iin dilli addunyaa sadarkaa irra jiru maratti taasisu bu'uurri diinagdeedha. Kanaaf ragaa biyyoota kolonii jala jiranii fi biyyoota koloneeffatan fudhachuun ni danda'ama.

Dabalataan bakkeewwan xiyyeeffannaan irratti godhamee haala qabatamaa naannoo keenyaatiin illee yoo xinxaallee kana irraa waan adda hin taane argina. Haalli kun yeroo baay'ee siyaasa dahoo godhachuun kan gaggeefamu yoo ta'u,yakkamaa fi dhibamaan isa humna diinagdee gadi aanaa qabuudha. Diinagdeen gadi aanaa ta'uun bifa garaagaraan ilaalamuu ni danda'a.

1.Uumamaan badhaadhuu dhabuu irraa kan ka'e ,fkn naannoo Tigraayii fi Amaaraa
2.Osoo qabanii haalotaa fi ta'iiwwan garaa garaan saamamuu,fkn nannoo Oromiyaa Qabxiilee kanneen boodarra kan bal'inaan ilaallu yoo ta'u,gara mata duree keenyatti deebinee gaaffii kaasaa deebiis xinxaalaa dhugaa haala qabatamaa diinagdee Oromoo fi Oromiyaa haa kaasnu.

Qabeenyaa uumamni badhaase kana Oromoon hagam fayyadame? Gaaffiin kun mata duree dhimmicha ka'uuf yaadamee kan bal'inaan of keessatti qabatuudha. Dacheen oromiyaa kana maraa waakkii tokko malee saba isheef arjoomtee osoo jirtuu ilmi namaa godaansaan hadhaa jireenyaa baqaa galaanaaf gammoojjitti dhuma. Inni biyyatti hafees dhagaa cabsee kiraa manaa dachee irratti dhalate lafa abbaasaa diinni saameef kaffala. Hoxxee dhaloonni kabate maqaa itti baasuun diiganii gamoo ijaaranii kireeffatu. Waarshaa dhaabanii qomoo isaanii qofa keessa hiriirsisu. Oomishni dachee Oromoo harka mootummaa Wayyaanee keessa galuun uummatichi qooddataa qabeenya isaa ta'uu erga dhabee bubbuleera. Iddoowwan ijaa fi biyyittii gargaaruu fi fayyaduu danda'an mara dhuunfachuun,mootummaan angoo irra jiru garee siyaasa isaa deeggarinii fi warra aantummaa isaa qabaniif qooduun uummaticha rakkoo diinagdeef saaxilee jira. Kanaaf qabeenyaa uumamni uummata Oromoo badhaase kana akka hin faayyadamne godheera.

Akkuma beekamu uummanni Oromoo akkuma biyyatiittuu baay'inaa lakkoofsaan tokkoffaadha. Akka seenaan himuttis sanyii kuush kan ta'e Oromoon qaroominaan angafa Aafrikaa bira darbee addunyaaf illee gumaachi isaa heeddudha. Kanaaf Sirni Gadaa madda bu'uura sirna diimokraasii har'a addunyaan ittiin dhaadattu kana fakkeenya fudhachuun ni danda'ama. Kuni ta'ee osoo jiru sirnoonnii abbaa irree jaarrota tokkoof wallakkaaf uummata kana gama heedduun diiguun kufaatii kana hin jedhamne irraan gahuun isaanii dhugaa hin haalamneedha. Diddaa fi fincila taasisaa tureenis dararaan addunyaa irratti ta'ee hin beekne irratti raawwataa tureera. Akka fakkeenyatti Harka muraa fi harma muraa Calanqoo Calii fi Aannolee fudhachuun ni danda'ama. Kana qofaa osoo hin taane har'a kanallee mootummaan kun siyaasa gaaddisa godhachuun gartuuwwan isaa uummataa fi dhaloota Oromoo irratti bobbaasee yakkamaa fi shakkamaa jedhee farrajuun karaa daldaalas ta'ee, waan horatetti buluu akka hindandeenye gochuun isaa waan hafe miti. Kanaaf ragaan quubsaan lafa abaaboof jedhamee buqqisa ilmaan sabaa irratti ta'aa jiruudha. Galiin lafa abaaboo kana irraa argamu immoo harka mootummaa waan galuuf maatiin lafa sana irraa buqqa'e inni humna qabu gara hojii oolmatti inni humna hin qabne immoo karaatti yaa'ee kadhaaf saaxilamaa jira. Horsiise bulaan lakkoofsaan baay'ee ta'e loowwan isaa bakka itti yaasu dhabuu irraan kan ka'e, gurguree qarshiitti jijjiruun hojii muuxannoo isaa hin qabnetti bobba'ee kasaaraan irra gahaa jira. Dhiphachuu lafa qonnaa irraa kan maddeen dhaloonni qe'ee irraa godaanee magaalatti sokkuun, humni dargaggeessaa biyyatti jijjiiruu danda'u heedduun gidiraa jireenyaan waxalamaa, yaaddoon gombifamee waarshaalee abbootii qabeenyaa Amaartotaa fi Tigree keessatti mindaa hojii isaanii waliin wal hin ginneen jiraachaa jiru. Waarshaaleen abbootii qabeenyaa biyya alaa kan qaamni mootummaa sheerii waliin qabus kanfaltii hin madaalleen ilmaan sabaa halkanii guyyaa hojjachisutti argamu. Namni ji'aan halkanii guyyaa hojjatee qarshii 900-1200 argatu hireen isaa maal akka tu'uu malu murteessuun heedduu waan nama dhibu miti. Kuni immoo shira gita bittaa diinagdeen dadhabsiisuu yoo ta'u, itti fayyadamuu dhabuu qabeenyaa isaa kan haalan keessatti mul'atuudha. Sirni garboomfataa fi abbaa irree kun kaayyoon isaa angoo qabachuu fi fedhii biyyitti bulchuu horatee osoo hin taane, saamicha qabeenyaa fi diinagdee Saba Oromoo gaggeessu akka ta'e raga kaa'uun ni danda'ama. Ragaa kaa'uun dura naannolee mootoleen abbaa irree kunneen irraa dhufaniifi haala jiruu fi jireenya uummata isaani xinxaaluun barbaachisaadha. Uummanni ongeen waaggaa torba itti bu'e kamii? Dacheen dhagaa malee waan biraa of irraa hin qabne kamii? Uummanni beelaaf qabsaa'e eenyuu? Isa kana dhalootatti himuun barbaachisummaa qabaatee osoo hin taane yaadachiisaafi.

Egaa sabni daabboof duulte, ongee baqattee Oromiyaatti baqatte uummaticha burjaajessaa turte jirtis. Haalli kun yeroo yeroon haala jijjiirrachuun dabaree dabareen siyaasa dahoo godhachuun saamicha lafaa, iddoowwan albuudaa, qabeenyaawwan uumamaa armaan dura eeraman maraa harka ofii galchee jira. Humni garboomfataa yeroo amma kana irratti dammaqamus hidda fageeffachuu irraan kan ka'e, tarsimoolee adda addaa sabicharratti sodaa tokko malee karoorsaa jira. Bakkeewwan ijoo qaama bulchiinsaa irraa eegalee hanga waarshaalee ganda keessa jiraniitti miseensa gosa garboomfataan kan dhuunfatame yoo ta'u, ilmaan Oromoof karaa cufaa fi danqaa ta'uun diinagdee isaa akka hin fayyadamne dhorkee jira. Dabalataan xiiqa'uu fi qoollifachuun immoo dhaloota heedduu kufaatii diinagdeef affeeree jira. Xiiqa'uu fi qoollifachuu gaafa jedhamu, aariin waan ofii gadi dhiisanii sokkuu. Kun immoo shakkii tokko malee diina humna horachiisudha. Kanarratti wanti osoo hin ka'iin taramuu hin qabne dhimma finfinneeti. Finfinneen dur bakka Oromoon itti bulaa dhufe ta'uun isaa seenaan ragaadha. Har'a garuu qorichummaaf Oromoo dukkaana tokko banatee jiru hin arginu. Keessattuu naannolee daldaalli haalan keessatti dalagamu Qarsaa fi Waddeessa ilaaluun ni danda'ama. Dhiibamuun saba Oromoo lafa isaa irraa ka'ee hanga lubbuutti deemaa ture, ammas waan dhaabbate hin qabu. Waddeessaa(piyaassaa) Tigreetu Warqee itti daldaala, Qarsaa(markaatoo) Amaaraa,Silxee Guraageetu keessaa shawwisa. Kan baay'ee nama gaddisiisu namni afaan Oromoo dubbatu bakkeewwan kanatti har'allee seeraan hin keessumma'u, gatiin bittaa meeshaas itti dabala. Haalli dadhabsiisa diinagdee kun ammallee haalan itti fufee jira. Inni Finfinneetti baqatamee yaa'ame ammas magaalota addaa keessatti mul'ataa jira. Warri achitti hundee godhate gamanattis duulaa jiraachuun isaa waan mul'ataa jiruudha. Caal baasii kiraa manaa, meeshaa bittaa fi gurgurtaan ilmaan Oromoo naannolee magaalaa addaa kana gadi dhiisanii bahaa jiru. Kanarraa ka'uun Egereen ilmaan Oromoos ta'ee Oromiyaa maal akka ta'u sammuu yaadutti salphaadha. Diinagdee irraa Dhiibamuun Oromoo sadarkaa maalirra ga'ee jira?

Akkuma mul'ataa jiruttii, waarshaaleen, gamoowwan daldalaa, qaamni angaa'ota olaanaa fi gaggeessitootni biyyattii, harka sanyii mootolee abbaa irree dur-turaniifi ammaa keessa jira. Kana jechuun gabaabumatti ilmaan Oromoo gama kamiinuu taphaan ala jiruu jechuudha. Kan yaada kana falmu yoo jiraate, maaster pilaaniin gaafa itti bahu callisuun isarra hin turre. Qaamni dubbii kana mormu yoo jiraate ilmaan Oromoo gurmeessee Finfinnee Walakkaatti akka gamoo ijaaranii daldaalan godhee nu amansiisuu danda'a. kan kana irraa hafe dhugaan jiru kana ta'ee osoo jiruu isheen kaan oduu ergamtootaati. Warra dhoksaan dhachee abbaa isaanii diina waliin saamanii irratti ijaarrachuu sodaatanii Amaraafi Tigreetti deebisanii gurgurarun daa'ima isaaniif daabboo bitaniidha.

Akkuma mul'ataa jiruttii, waarshaaleen, gamoowwan daldalaa, qaamni angaa'ota olaanaa fi gaggeessitootni biyyattii, harka sanyii mootolee abbaa irree dur-turaniifi ammaa keessa jira. Kana jechuun gabaabumatti ilmaan Oromoo gama kamiinuu taphaan ala jiruu jechuudha. Kan yaada kana falmu yoo jiraate, maaster pilaaniin gaafa itti bahu callisuun isarra hin turre. Qaamni dubbii kana mormu yoo jiraate ilmaan Oromoo gurmeessee Finfinnee Walakkaatti akka gamoo ijaaranii daldaalan godhee nu amansiisuu danda'a. kan kana irraa hafe dhugaan jiru kana ta'ee osoo jiruu isheen kaan oduu ergamtootaati. Warra dhoksaan dhachee abbaa isaanii diina waliin saamanii irratti ijaarrachuu sodaatanii Amaraafi Tigreetti deebisanii gurgurarun daa'ima isaaniif daabboo bitaniidha.

Kun kan warra abbaa irree yoo ta'u carraan ilmaan Oromoo immoo mana kiraa jaraa keessatti dararamuu, baratanii dhagaa cabsuu, biyya ambaatti baduu, daandirra akka maraatuu oliif gadi jawwaruu taatee jirti. Dhimma siyaasaan wal qabsiisuun akka lammii lammataatti waraqaa eenyummaallee dhabanii bakka deeman marattuu qabamanii mana hidhaatti darbamu. Kuni kaayyoo fi karoora sirna abbaa irree yoo ta'u, warri of jaalatan sabicha keessaa bahan itti deebi'uun milkii karoora diinaaf ga'een isaanii ol aanaa ta'ee mul'ataa jira.

Haalli kun hanga yoomitti itti fufaa, furmaanni isaahoo maali?

Haalli kun akkuma walii galaatti kan inni milkaa'ina godhatee itti fufuu danda'u yoo uummanni Oromoo akkuma kalee Finfinnee gadhiisee sokke,har'as naannolee jiran irraa siqe, waantoota guddina diinagdee isaaf gumaanchan irraa aariin yoo fagaate, jaleewwan sirnichaaf yoo gurra kennee dhaggeeffate,ka'i jennaan ka'ee deemi jennaan yoo qajeele shakkii tokko malee,… waan ta'uuf deemu dubbachuun ni ulfaata.

Furmaanni jiru haalota ta'aa turanii fi ta'aa jiran hatattamaan xinxaaluun itti dammaquudha. Biyya gadi dhiisanii deemuun furmaata ta'aa hin jiru. Qabeenyii fi diinagdeen qe'ee namaatti horatame saamicha dachee kanaa hambiisaa waan jiru miti. Dhuunfatti jiraachuuf ta'uu mala. Dararaa ilmaan Oromoo irra gahaa jiruuf illee wabii kan ta'u rakkataa cinaa jiruudha. Kanaaf ijjannoo horannee xiiqiin haa bobbaanu gama diinagdee keenya diina jalaa saammachuutti.

# KIRISTAANOO ROONAALDOO MOO GAAREZ BEEL?





URJIIWWAN RIYAAL MAADIRIID KIRISTAANOO ROONAALDOOFI GAAREZ BEEL KEESSAA KAMTU GARA MAANCHISTER YUUNAAYITID DHUFA LAATA!?

Xiinxaltoonni Iskaayi Ispoortii (sky sport) akka jedhanitti leenjisaan garee kubbaa miilaa Maanchiister Yuunaayitid Luwiis Vaan Gaal garee isaa cimsuuf Kiristaanoo Roonaaldoo fiduu irra Gaarez Beel yoo fide Maanchiister Yuunaayitid akka cimu ibsaniiru.

Garee kubbaa miilaa piriimer liigii Ingiliizii keessatti Maanchister Yuunaayitid tapha bara kanaa irratti kan argamu yoo ta'u, Vaan Gaal garee isaanii cimsuuf akka taphattoota kanneen keessaa tokko mallatteessisuuf hordofaa jira maddeen ibsaniiru.







## Qabxii Piriimar Liigii Ingiliizii Kan Torbanii

| Sadarkaa | Garee | Tapha | Gar.Galchii | Qabxii |
|---|---|---|---|---|
| 1 | Leeysester | 13 | 8 | 28 |
| 2 | Maan Ytd | 13 | 10 | 27 |
| 3 | Maan Sitii | 13 | 14 | 26 |
| 4 | Arsenaal | 13 | 12 | 26 |
| 5 | Tootenhaam | 13 | 13 | 24 |
| 6 | West Haam | 13 | 4 | 21 |
| 7 | Evertan | 13 | 8 | 20 |
| 8 | Saawuzamptan | 13 | 5 | 20 |
| 9 | Liiverpuul | 13 | 2 | 20 |
| 10 | Kiristaal Paalaas | 12 | 2 | 19 |
| 11 | Istook City | 13 | -1 | 19 |
| 12 | West Biroom | 13 | -5 | 17 |
| 13 | Waatfoord | 13 | -2 | 16 |
| 14 | Siwaansii | 13 | -4 | 14 |
| 15 | Cheelsii | 13 | -6 | 14 |
| 16 | Noorwiich | 13 | -8 | 12 |
| 17 | Niiwkaastil | 13 | -12 | 10 |
| 18 | Boowurnimaawuz | 13 | -13 | 9 |
| 19 | Sanderlaand | 12 | -13 | 6 |
| 20 | Aston Viilaa | 13 | -14 | 5 |

# Gar. Galchii = garaagarummaa galchii

## Sagantaa Pirilmer Liigii

**Sanbata Duraa sadaasa 28, 2015 – Piriimer Liigii**

**Astoon Viilaa Vs Waatfoord 15:00**
**Boowurnimaawuz Vs Cheelsii 15:00**
**Ciriistaal Plaasii Vs Niiwkaastil 15:00**
**Maan Siitii Vs Saawuzaampitan 15:00**
**Saandarlaandi Vs Istook 15:00**
**Leeysester Vs Maan Utd 17:30**

**Sanbata Guddaa, Sadaasa 29, 2015**

**Tootenham Vs Cheelsii 12:00**
**Weesti Haam Vs WeestBroom 14:05**
**Liveerpuulii Vs Siwaansii 16:15**
**Noorwich Vs Arseenaal 16:15**




Leelloo
Wirtu Multi Media Writers

## Beeksisa

Namootni Gaazexaa Keenya Leelloo Irratti oomishaa fi tajaajila keessan beeksifachuu barbaadan akkasumas raabsuu fi gurguruu feetan karaa lakkoofsa bilbila keenyaa nu qunnamuu dandeessu.
Bilbila: 0912 10 40 67
0912 84 15 50

Isidookuu

| | | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| 7 | | 6 | 3 | | | | 8 | |
| 4 | | | | | | 5 | | |
| 3 | | 9 | 8 | | 4 | 2 | 6 | |
| | | | | | 6 | 1 | 9 | 3 |
| | | 7 | | 4 | | 8 | | |
| 2 | 9 | 3 | 5 | | | | | |
| | 7 | 8 | 2 | | 1 | 9 | | 5 |
| | | 1 | | | | | | 6 |
| | 2 | | | | 9 | 3 | | 8 |

Gara olii fi gaditti lakkoofsonni 1-9 jiraan bakka duwaaa sanduuqa sana keessa jiruutti guutuu

**Gaazeexaan Leelloo torbanitti yeroo hundumaa Jimaata dhaabbata maxxansaa Maltimiidiyaa Wirtuun maxxanfamee kan ba'uudha**